# QAACCESSA MOGGAASA MAQAA MISIRROO GODINA ARSII BULCHIINSA MAGAALAA ASALLAATTI

**RUQIYAA MOLEE BORUU**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUUFI FOKLOORIITIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**AMAJJII, 2022**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA MOGGAASA MAQAA MISIRROO GODINA ARSII BULCHIINSA MAGAALAA ASALLAATTI

**RUQIYAA MOLEE BORUU**

**GORSAAN: - AMAANU'EEL ALAMAAYYOO (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO OG BARRUUFI FOKLOORIITIIF DHIYAATE**

**YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA JORNAALIZIIMII FI SAB-QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUU FI FOOKLOORII**

**AMAJJII, 2022**

**FINFINNEE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**DHAABBATA DIGRII DURAATIIN BOODDEE**

# Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Barsiisuuf Guuttachuuf Ruqiyaa Molee Boruu Mata Duree Xiinxala Qaaccessa Moggaasa Maqaa Misirroo Godina Arsii Bulchiinsa Magaalaa Asallaa Irratti Qophaa'e Sadarkaa Yuunivarsiitiin Kaa'e Guuteera.

**Koree Qormaataa**

**Qoraa Alaa ________________________Mallattoo______________Guyyaa___________**

**Qoraa Keessaa _______________________Mallattoo____________Guyyaa___________**

**Gorsaa ___________________________Mallattoo____________Guyyaa_____________**

**---------------------------------------------------------------------------------------------------**

**Ittii Gaafatamaa Muummee Yookin Walitti Qabaa Sagantaa Digrii Lammaffaa (MA)**

# AXEERARA

*Kaayyoon qorannoo kanaa moggaasa maqaa misirroo qabatamaan Godina Arsii Bulchiinsa magaalaa Asallaa keessatti haala kamiin akka adeemsifamu qaaccessuudha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaatis: Maalummaa maqaa, Moggaasa maqaa, Faayidaafi Bu'uura Moggaasa Maqaa, akkasumas sirnoota darban keessatti moggaasni haala akkamii keessa akka ture ibsuudha. Haaluma kanaan qaaccessa moggaasa maqaa kanaaf malli dhimma itti bahame mala akkamtaa (Qualitative Research Method) yookaan mala qulqulleeffataati. Mala kanaan odeeffannoo madda raga tokkoffaafi ragaa lammaaffaa irraa argaman kan kaayyoo qorannichaa galmaan gayan jedhamaniin wal-qabsiisuun itti gargaaramee jira. Akkasumas sirna Moggaasni Maqaa Misirroo itti raawwatamus yaada manguddoowwaniifi hayyootaa irratti bu'uureffachuun ibsee jira. Qorannoo kana keessatti akka walii-galaatitti wanti hubatame, hawaasni Oromoo bulchiinsa magaalicha qorannoon irratti adeemsifamee akkaataan moggaasni maqaa misirroo yeroo durii itti raawwatu adeemsa mataa isaa kan qabuufi bu'uurri moggaasa maqaa kunis: amantiin, gaddaan, dagaagina sanyiitiin, firummaan, hawwiifi abdiin k.k.f. kan bu'uureffatu akka aadaa Oromoo ganamaatitti raawwatamaa akka tureefi yeroo dhiyoo asitti immoo dhiibbaa sirnoota darbaniitiin ummata magaalichaa kana irra gayeen aadaafi duudhaan moggaasa maqaa qabiyyeen isaa jijjiiramaa akka dhufe hubatamee jira. Adeemsuma kanaan ummanni kun kan ofii isaa dagatee aadaa kanneen warra biraa akka dhaalu taasifamuun isaa adeemsa sirna kanaa irraa hubachuun danda'amee jira. Kanaafuu Moggaasni Maqaa Misirroo ummata kanaaf ibsituu eenyummaafi calaqqisiiftuu aadaa kan jecha yookaan gaalee ittiin waamamu san bira ce'ee deemuudha; jechuun ibsuun nidanda'ama. Kanumaan walqabatee argannoon ijoon qorannoo kanaa, ummanni magaalaa Asallaa aadaa moggaasa maqaa misirroo duudhaa durii haala mul'isuun dhimma kan itti bahaa hinjirre ta'uu agarsiiseera. Walumaagalatti aadaa moggaasa maqaa misirroo duudhaafi safuu Oromoo hawaasa keessatti agarsiisaa ture kana ammas hawaasa kana keessatti akka deebi'ee inni lubbuu horachuu danda'uufi beekamu Waajjirri Aadaafi Turizimii Bulchiinsa Magaalaa Asallaafi qaamni dhimmi ilaallatu hundi qabeenya hawaasaa kana eeguufi itti fufiinsa isaa mirkaneessuu, guddina Afaan Oromootiif gumaacha gochuu akka qaban yaboo dhiyaate kana irraa hubachuun in danda'ama.*

# GALATA

Waa maraa dursee lubbuu teenna eeguun hojii kana akka galma barbaadameef geennuun humnaafi nageenna kan nuuf kenne waaqa galanni isa haa gayu. Itti aansuun haala qorannoon kun itti raawwatamu kan karaa naqabsiisan, akka qajeelcha kitaabaatitti qorannoo kana naaf ibsaniifi deddeebii dogoggora kiyyaatiif nuffii tokko malee obsaan na qajeelchuun milkaa'ina qorannoo koof na gorsaa kan turan Amaanu'eel Alamaayyehu (PhD) baay'iseen isaan galateeffadha. Akkasumas hiriyyoottan kiyya kitaabota qorannoo kiyyaaf na gargaaran naaf gumaachuun kan nabira dhaabbatan baay'een galateeffadha. Akkasumas abbaa manaa koo akkan qorannoo kana yeroon hojjadhee xumuruuf nadeeggaraa turaniif galanni kiyya guddaadha. Ammas obbo Aliyyii Roobsaa iimmeelii isaaniitiin waan fayyadamaa tureef qorannoo kana iddoo intarneetiin hojjatutti dhaquun gara gorsaa kootiitti naaf erguuf yemmuu deebiin kennames deebisee naaf fiduun deeggarsa naaf gochaa turaniif galanni kiyya dacha dachaan ta'a. Walumaa galatti galma gahiinsa qorannoo kiyyaatiif, manguddoota bulchiinsa magaalaa Asallaa, Waajjira barnoota Bulchiinsa Magaalaa Asallaa, hojjattoota waajjira aadaafi turizimiifi qaamota na gargaaran hundaaf galata guddaa isiniif qaba.

## HIIKA JECHOOTAAFI GABAAJEE

| | |
|---|---|
| Mudoo: - | Hanqina |
| Muxuxxee: - | Duguugdee |
| Qiiqqattu: - | Hormaata Xiqqaattu |
| W.A.T. B. M. A: - | Waajjira Aadaafi Turizimii Bulchiinsa Magaalaa Asallaa |
| W.B.Bul. M.A: - | Waajjira Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Asallaa |
| W.S.Q.B.M.A: - | Waajjira Sab-Qunnamtii Bulchiinsa Magaalaa Asallaa |

# BAAFATA

**Qabiyyee** **Fuula**

*QAACCESSA MOGGAASA MAQAA MISIRROO GODINA ARSII BULCHIINSA MAGAALAA ASALLAATTI* ........ *i*
*AXEERARA* ........ *i*
*GALATA* ........ *ii*
*HIIKA JECHOOTAAFI GABAAJEE* ........ *iii*
*BAAFATA* ........ *iv*
*SUURAAWWAN* ........ *vi*
*BOQONNAA TOKKO* ........ *1*
*SEENSA* ........ *1*
**1.1. ARIIRRATA QORANNICHAA** ........ **1**
1.1.1. Seen Duubee Naannoo Qorannichaa ........ 3
**1.1.2. Seen Duubee Qorannichaa** ........ **5**
**1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa** ........ **8**
1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannicha ........ 8
1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa ........ 8
**Barbaachisummaa Qorannichaa** ........ **8**
**1.4. Daangaa Qorannichaa** ........ **9**
**1.5. Qindoomina Qorannichaa** ........ **9**
**1.6. Hanqinna Qorannichaa** ........ **10**
*BOQONNAA LAMA* ........ *11*
*SAKATTA'A BARRUU* ........ *11*
**2.1. Yaaxxinaalee Fookloorii (Theories of folklore)** ........ **11**
2.1.1. Yaaxxina irra deebi'aniii Ijaaruu (Historical-Reconstructional) ........ 11
2.1.2. Yaaxxina xiinsammuu (Psychoanalyticaltheory) ........ 12
2.1.3. Yaaxxina Aadaa Hawaasaa (Folk-Culturaltheory) ........ 12
**2.2. Maalummaa Moggaasaa** ........ **13**

**2.3. Maalummaa Maqaa ......... 15**

**2.4. Moggaasaa fi Aadaa ......... 16**

**2.5. Walitti Dhufeenya Moggaasaafi Hawaasaa ......... 17**

**2.6. Moggaasa Maqaa Misirroo ......... 18**

2.6.1. Moggaasa Mqaa Misirroo Aadaa Amaaraa ......... 19
2.6.2. Moggaasa Maqaa Msirroo Aadaa Guraagee ......... 19
2.6.3. Moggaasa Maqaa Misirroo Aadaa Tigree ......... 19
2.6.4. Moggaasa Maqaa Misirroo Aadaa Hadiyyaa ......... 20

**2.7. Akaakuu Moggaasaa ......... 20**

2.7.1. Maqaalee Misirroo Amantiin Walqabatanii Moggaafaman ......... 20
2.7.2. Maqaa Misirroo Yeroo Dubartiin Fuudhan Amrii Taate Deebi'anii Fuudhan Moggaafamu ......... 20
2.7.3. Maqaa Dagaagina Sanyiitiif Moggaafamu ......... 21
2.7.4. Maqaa Misirroo Firummaan Walqabatee Moggaafamu ......... 21
2.7.5. Maqaa Misirroo Hawwiifi Abdii Garagaraatiif Moggaafamu ......... 21

**2.8. Bu'uura Moggaasa Maqaa Misirroo ......... 21**

2.8.1. Dhiibbaa sirnoonni siyaasaa darban moggaasa maqaa misirroo irratti gaggeessan 22

**2.9. Meeshaalee Adaa Yeroo Moggaasa Maqaa Misirroo Dhimma Itti Bahan ......... 23**

2.9.1. Qorii ......... 23
2.9.2. Sinqee ......... 24
2.9.3. Boraatii ......... 25
2.9.4. Jaayii ......... 25

**2.10. Sakatta'a Barruu walfakkii ......... 26**

***BOQONNAA SADI ......... 28***

***MALA FI SAXAXA QORANNICHAA ......... 28***

**3.1. Mala Qorannoo ......... 28**

**3.2. Saxaxa Qorannichaa ......... 29**

**3.3. Madda Odeeffannoo ......... 29**

**3.4. Tooftaa Iddatteessuu ......... 30**

**3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa ......... 31**

3.5.1. Af-Gaaffii ......... 31

3.5.2. Daawwannaa ... 32
3.5.3. Marii Garee ... 33

***BOQONNAA AFUR* ... *35***

***QAACCESSA RAGAALEE* ... *35***

**4.1. Haala Gaggeeffama Moggaasa Maqaa Misirroo Bulchiinsa Magaalaa Asallaa Keessatti ... 36**

**4.2. Ulaagaa Moggaasa Maqaa Misirroo Ummata Oromoo Arsii ... 37**

4.2.1. Maqaa Misirroo Amantiin Walqabatee Moggaafame ... 37
4.2.2. Maqaa Misirroo Yeroo Dubartiin Fuudhan Amrii Taate Fuudhan Moggaafamu ... 37
4.2.3. Maqaa Misirroo Dagaagina Sanyiitiif Moggaafamu ... 38
4.2.4. Maqaa Misirroo Firummaan Wal-Qabatee Moggaafamu ... 38
4.2.5. Maqaa Misirroo Hawwiifi Abdii Garagaraatiif Moggaafamu ... 39

**4.3. Guyyaa Moggaasa Maqaa Misirroo (Yoomessa) ... 43**

**4.4. Ergaa Moggaasa Maqaa Misirroo Ummata Oromoo Arsii ... 45**

***BOQONNAA SHAN* ... *48***

***CUUNFAAFI ARGANNOO* ... *48***

**5.1. CUUNFAA ... 48**

**5.2. Argannoo ... 49**

**5.3. Yaboo ... 50**

***WABIILEE* ... *i***

***DABALEEWWAN* ... *iii***

## SUURAAWWAN

**Suuraa 1** Meeshaalee Aadaa Naannoo Qorannichaa ibsu ... 5

**Suuraa 2** Meeshaa Aadaa Arsii....................................................**Error! Bookmark not defined.**
**Suuraa 3** Qorii.................................................................................**Error! Bookmark not defined.**
**Suuraa 4 siinqee** ..........................................................................**Error! Bookmark not defined.**
**Suuraa 5** Boraatii ..........................................................................**Error! Bookmark not defined.**
**Suuraa 6** Jaayii...............................................................................**Error! Bookmark not defined.**
**Suuraa 7** Aadde Faanosee Kataboo afgaaffii gaafa guyyaa 23 / 09 / 2012 taasifame suura ibsu ...........................................................................................**Error! Bookmark not defined.**
**Suuraa 8** Aadde Dirribuwaa Gammadaa afgaaffii gaafa guyyaa 25 / 09 / 2012 taasifame suura ibsu.........................................................................................**Error! Bookmark not defined.**
**Suuraa 9** Aadde Zeeynabaa Haajii afgaaffii gaafa guyyaa 30 / 08 / 2012 taasifame suura ibsu ...........................................................................................**Error! Bookmark not defined.**
Suuraa 10 guyyaa cidhaa suuraa agarsiisu...................................**Error! Bookmark not defined.**
**Suuraa 11** obbo Qaasim Raaboo afgaaffii gaafa guyyaa 29 / 08 / 2012 taasifame suura ibsu ...........................................................................................**Error! Bookmark not defined.**
**Suuraa 12** obbo Amiinoo Eda'oo afgaaffii gaafa guyyaa 08 / 07 / 2012 taasifame suura ibsu ...........................................................................................**Error! Bookmark not defined.**
**Suuraa 13** Maree garee guddaa qorattuun manguddoota waliin taasifte guyyaa 27/08/2012 suuraa ibsu ........................................................................................................ vii
**Suuraa 14** Maree garee xiqqaa qorattuun manguddoota waliin taasifte guyyaa 27/08/2010/2018 suuraa ibsu ........................................................................................................ viii

# BOQONNAA TOKKO

# SEENSA

## 1.1. ARIIRRATA QORANNICHAA

Wantoonn hawaasni aadaa, seenaa, duudhaafi safuu isaa ittiin ibsatu hedduudha. Kanneen keessaa tokko moggaasa maqaa misirrooti. Moggaasni maqaa misirroo kun aadaa hawaasa kanaa ibsuu keessatti gahee ol aanaa qaba. Moggaasni maqaa misirroo kun kan hawaasni jechoota afaan isaatiin yaada isaan keessa jiru baasanii ittiin ibsataniidha. Kan ilaalchisee Gabii (2007: 19) Mohom (1972) wabeeffachuun akka ibsetti "Moggaasa maqaa jechuun jechoota yookaan gaaleeti fayyadamuun duudhaa, aadaa, eenyummaa hawaasa tokkoo karaa ibsuun, maqaa namaa, biqiltootaa, dhaabbileefi kanneen kana fakkaatan ittiin ibsamuudha" Jedha. Haaluma yaada olii kanarraa hubatamutti moggaasni kan hawaasni afaan ittiin waliigalu isaatitti dhimma bahuun aadaa isaafi safuu isaa kan ittiin ibsatu ta'uu agarsiisa. Moggaasni tokko sababa tokko malee hin moggaafamu. Hawaasni moggaasa sana moggaase waan ta'e wayii bu'uura gadhatee moggaasa kana moggaasa waan ta'eef, moggaasni kunis hiika mataa ofii kan qabaatus hawaasuma maqaa sana baase biratti ta'a. Maqaaleen moggaafaman kunniinis: maqaa namaa, bakkeewwanii, biqilootaafi kanneen biraatis ta'uu danda'u. Akka galmee jechootaatitti moggaasuu jechuun maqaa namaaf yookaan wantootaaf kennuu wajjiin walitti dhufeenya qabaachhuu isaa agarsiisa. Kanaaf moggaasuun, tokkoffaa sirna yookaan kabaja nama tokkoo maqaa baasuuf jecha adeemsifamuudha. Lammaffaan adeemsa waan tokkoof maqaa baasuuf godhamuudha. Sadaffaan gocha maqaan nama tokkoo yookaan dhaabbanni tokko ittiin beeksifamuudha.Akka yaada galmee jechootaa kanaatitti moggaasa jechuun sirna adeesifamu tokko ta'ee, nama yookaan meeshaa tokkoof kan maqaan ittiin bahuufi maqaan sun ittiin waamamuudha. Kanaafuu moggaasni maqaa misirroo maalirraa ka'uun akka moggaafame? Yookaan immoo maaliif moggaafama? Kan jedhu manguddoota waa'ee kanaa hubannoo qabaniifi namoota waan kana beekan gaafachuun aadicha dhaloota itti aanuuf dabarsuun barbaachisaadha.

Aadaa Oromoon qabu keessaa sirni gaa'ela fuudhaafi heeruma keessatti gaggeeffamu tokkodha. Gosoonni gaa'elaa kunniinis: Huseen Badhaasoo (2000:103) Kaadhimacchuu (gabbara), Walgara, Mambeetoo, Hawata, Matadiba, Addabaana, Aseennaa, Buttaa, Dhaala,

Gursummeettiifi Tasa (irradhaaba) fa’a. Gosoota gaa’elaa kanneen keessa matadureen qorannichaa, gosa gaa’ela kaadhimachuu (gabbaraan) fuudhuutiin walqabata. Gaa’ela kana keessatti moggaasni maqaa misirroo ummata Oromoo biratti sirnaafi safuu isaa eeggatee dhalootarraa gara dhalootaatti darbaa kan dhufeedha.Yaada kana ilaalchisee galmeen jechootaa “Oxford”/1995:771/ yoo ibs “Name is a word or words by which a person, an animal, a place or a thing is known by and spoken to or about” jechuun kaayee jira. Yaada kanarra hubachuun kan danda’amu, maqaan kan namni, bakkiifi wantoonni itt beekaman ta’a jechuudha. Dabalataanis Huseen Badhaasoo (2000:208) yoo ibsu inumaa haati gurbaa fuudhuu akka aadaa Arsiitti haadha warraa ilmaa maqaan hin waamtu.Ofii maqaa itti baafatti.Yoo ilma hangafaa ta’e, akkasumaan maqaa hangafaa itti baafatti. Fakkeenyaaf Soorettii, Gabii, Aantuu, Hawwii, maqaawwan jedhan ka biraallee hedduun waamti. Maqaa fedhellee tahu maqaa hiikkaa mishaa qabuun waamti. Idaayyittilleen akkanuma soddaatii jaalachuufi ulfeeffachuut irraa eegama. Kanalle’e waan taheef isilleen, Fakkeenyaaf, Aayya’a, Daye’e jettiin fa’a. Adaan soddaatiifi intalti (haat warraa ilmaa) maqaa walitti baafachu’uu kun ammalle’e hin hafne. Gara kaaniin ammoo aadaan tun arsii keessa calla osoo hin taane, Oromoma mara keessa turtee jirtille’e. Kunis shawaa Oromoo birattis maqaan baafamu: Soorettii, Nadhii, Dhalee, Damee fa’a jechuun maqaa misirroodhaaf moggaasu. Maalumm hiika maqaarrattis beektonni adda addaa yaada garagaraa yeroo yerootti kennanii jiru. Haaluma kanaan yaada namoota biroo deeggaruun, Eddy (2005:599) yoo ibsu “Name is a word to pick out and refers to a follow human being, animal and an object or class of such beings and objects,” jechuun kaa’a. Yaada Insaayclopiidiyaarratti `Eddy` ibsa kanarraa akkuma ilaaluun danda’amu maqaan namoota, bineensotaafi wantootaaf dhuunfatti yookaan gareedhaan kan kennamu ta’ee isa tokko kan biroorraa adda baasuuf akka gargaaru hubanna. Addunyaa kana irra hawaasni jiraatu afaan adda addaa kan dubbatuufi aadaa, duudhaafi haala jireenyaa garagaraa kan qabu yoo ta’u, akka aadaafi dudhaa isaatti namootaaf, bakkeewwaniifi wantoota biroof moggaasee ittiin waama. Yaada kana ilaalchisee Stewart (1967:4) yoo ibsu” tribe speaking different languages and thinking different thought. According to their way of speach and thought they gave name”.Yaada barreessaa kanarraa akka hubatamutti, qomoon afaan adda addaa dubbatu karaa adda ddaa yaada Innis akkaataa dubbiifi yaada isaatti maqaa baasee akka fayyadamu agarsiisa Moggaasni maqaa aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo waliin wal qabataa akka ta’e barreessitoonni tokko tokko niibsu. Yaada kana ilaalchisee Marsani (2008:15) yoo ibsu: “moggaasni maqaa aadaa sabaa keessaa isa tokko

.Hiikni maqaa moggaafamee kunis hiika sirrii kan argatu, aadaa hawaasa maqaa sana moggaase keessatti qofa Jedha. Haala kanarraa hubachuun akkuma danda'amu, aadaa hawaasni qabu keessaa tokko moggaasa maqaati. Haaluma kanaan qorannoon qorattuu tanaas Godina Arsii Bulchiinsa Magaalaa Asallaatt Qaaccessa Moggaasa Maqaa Misirroo irratti kan xiyyeeffate.

### 1.1.1. Seen Duubee Naannoo Qorannichaa

Magaalli Asallaa magaala guddittii Godina Arsiiti. Magaalittiin Finfinnee irraa kallattii Kibba bahaatiin km 166 fagaattee argamti. Magaalaan Asallaa moggaasa maqaa kana kan argatte, gosa Arsii Oromoo "Asallaa" jedhamu naannoo magaalichaa jiraatu irraa akka ta'e ragaaleen ni mirkaneessu. Magaalaan Asallaa bara 1907 iddoo qaraxni itti sassaabamu keellaa laga Walkeessaa irratti hundooftee guddachaa dhufuudhaan bara 1923tti sadarkaa magaalummaa argachuu akka dandeette ragaan jiru n imul'isa. Bal'inni lafa magaalaa Asallaa hektaara 5089.71 irratti kan hundoofte yoo ta'u, gandoota saddeetitti (8) caaseffamuun bulaa jirti. Baay'inni ummata magaalaa tanaa dhiirri 55,768 fi dubartiin 54,665 walumaagalatti ummata 110,433 ta'uu ragaan W.S.Q.B.M. A. irraa argadhe ni agarsiisa. Baay'inni ummataa kun sabaafi sablammoota adda addaa of keessaa qaba. Saboonni kunniinis: saba Oromoo, Amaaraa, Guraagee, Ummata Kibbaafi kanneen biroollee magaala tana keessa haa jiraatan malee, dhibbeentaa 85% ol saba Oromoo akka ta'e ragaan W.S.Q .B.M.A. irraa argadhe ni ibsa. Asallaan gandoota qotee bultoota afuriin daangeffamtee argamti. Isaanis: Kaabaafi Kaaba dhihaatiin-Goraa Silingoo, Kibbaafi Kibba bahaatiin-Ganda BurqituuCilaaloo, Bahaan-Ganda Dhankaakaa Qonnichaa, Dhihaafi Kibba Dhihaatiin-Ganda Laaloo Ceekaati.Magaalaan Asallaa magaalaa iddoowwan hawataa turistii heddu qabduudha. Bulchiinsa Magaalaa Asallaa keessa hawattoota turistii jiran keessaa paarkiiwwan garagaraa, bineensota uumamaa, hara Aarduufi k.k.f. ni argamu. Bulchiinsa magaalaa Asallaa keessa, manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa kan mootummaa, 6, miti mootummaan 4, sadarkaa 1ffaan kan mootummaa 9, miti mootummaan 18, oolmaan daa'immanii kan dhuunfaa 32, yoo ta'u, Yuunivarsiitii mootummaa 1 fi Kolleejjii barsiisotaa 1 akkasumas Wiirtuu Leenjii Teeknikaafi Ogummaa dhuunfaa heddu magaalaa tana keessa jiru. (W.B. Bul.M.A.) Dabalataanis qabeenyi uumamaa magaalittii keessatti argamanis madda galiifi iddoowwan haara galfii ta'uun tajaajila kennaa jiru. Haaluma kanaanis paarkiiwwan 6 magaalaa keessatti argaman hawwata turistii ta'uun galii argamsiisaa jiru. Paarkiiwwan kunneenis: Bosona Taklahaymaanot, Paarkii Diyaaspooraa, Paarkii barkumee, Paarkii bashannanaa, Baayoo

paarkiifi Paarkii Ertaallee jedhamu. Hambaalee seenaafi iddoowwan hawata turistii Magaalaa Asallaa keessatti argaman daawwachuuf turistoonni hedduun gara magaalaa Asallaai ni dhufu. Turistoota kanneen simachuuf magaalittiin hoteela sadarkaa garagaraa qaban heddu qabdi.Ummanni Oromoo ummata aadaa, Duudhaafi seenaa boonsaa qabuudha Haa ta'u malee aadaafi duudhaan akkasumas seenaan ummata kanaa beekameefi babal'atee dhaloonni haaraan akka hin beekneef akkasumas addunyaa irratti beekamee madda galii akka hin taaneef dhiibbaan siyaasaa irratti gaggeeffamaa turee jira. Haala kana hubachuun waajjirri aadaafi turizimii bulchiinsa magaalaa Asallaa aadaafi seenaa ummata kanaa beeksisuufi maddagaliis akka ta'uuf xiyyeeffannoon kennameefi hojjatamaa jira Kanumaanis bu'aaleen gara garaas galmaa'uu eegalanii jiru. Akka fakkeenyaatti magaaluma tana keessatti aadaafi meeshaalee aadaa ummanni kun ittiin beekamu mul'isuuf W.A.T.B.M.A. iddoo Addabaabaayii jedhamutti meeshaalee aadaa yookaan Elemtuu moodeela isaa hojjachuun akka beekamu sochii taasisaa jiru. Sochiin akkasii kunis jiraatee garuu aadaan moggaasa maqaa misirroo kun as aanaa kana laafaafi dagatamaa akka dhufaa jiru haala jirurraa hubachuun danda'amee jira. Aadaa kana laamshessuun moggaasa maqaa kanaa mitii haalli fuudhaafi heerumaatuu aadummaa isaa durii miidhagaa hawaasni Oromoo itti gargaaramaa ture sana gatuudhaan isa hammayyaawaa aadaa biyya keessaatuu hinmul'ifnetti dhimma bahaa jiraachuun dhaloota hara'aa haala daawwatamuufi keessa jiraannurraa hubatamee jira. Kanumarraa ka'uun qorattuun tunis Godina Arsii Bulchiinsa Magaalaa Asallaa keessatti Qaaccessa Moggaasa Maqaa Misirroo hojjachuun aadaa kana galmeessisuufi seenaa dur aayyoofi aabboon ittiin beekamaa turan san dhaloonni ammaatis hubachuun aadaa haadhaa abbaa isaanii boonsaa kana dagaagfatanii akka dhimma itti bahaniifi aadichas babal'isan, akkasumas ofiifis kabajatanii akka kabachiisan gochuu barbaaddeeti.




**Suuraa 1** Meeshaalee Aadaa Naannoo Qorannichaa ibsu

### 1.1.2. Seen Duubee Qorannichaa

Dhalli namaa jireenya hawaasummaa isaa keessatti namootaafi wantootaaf maqaa moggaasuun ittiin waama. Adeemsi kunis: nama yookaan wanta tokko kan biraatirraa addaan baasuun ittiin waamuuf fayyada. Maqaan kuns namni yookaan wanti tokko hawaasa keessatti ittiin waamamuufi ittiinis beekamuufidha.

Maqaan jecha yookaan jechoota namoonn, bakkeewwaniifi wantoonni ittiin waamamaniifi ittiinis beekaman akka ta'e hayyoonni tokko tokko ni ibsu. Yaada kana ilaalchisee galmeen jechootaa 'Oxford' (1995:771) yoo ibsu, " Name is a word or words by which a person, an animal, a place or a thing is known by and spoken to or about," jedhee kaaya. Akka yaada galmee kanaatitti maqaan kan namni, bakkeewwaniifi wantoonni ittiin beekaman akka ta'e nama hubachiisa.

Moggaasa maqaa ilaalchisee jalqabbii isaa yoo ilaallu, moggaasni maqaa kuniifi jalqabni afaan ilma namaa addaan bahanii kan hin ilaallamneedha. Yaada kana ilaalchisee hayyuun Smith (1969:168) yoo ibsu, "Names undoutely originated during the very earliest beginning of the birth of language," jedha. Kanumarraa ka'uun afaan akkamitti jalqabame yaada jedhuuf addunyaa kanarra falaasama gurguddoo lamatu jiru. Isaanis: warra gama amantiifi gama.

Concerning the origin of the first language there are two main hypotheses (orbelifes) --- 1. Belife in devine creation. Many societies throughout history believed that language is the gift of the gods to humans, 2. Natural evolution hypothesis, at the some point in their evolutionary development humans acquired a more saphisticuted brain which made language invention and learning possible. In other words, at some point in time humans evolved a language acquisition device,; jedha. namaa dandeettii sammuu namaa walxaxaa afaan barachuu sammuu gaafatu akka gonfatu ta'ee kaasa. Garabiraatiin dhalli namaa Adeemsa keessa dandeettii afaan barachuu sammuu keessaa akka qabu Eera. (Vaayda 2001)

Moggaasni maqaa yoomiifi haala kamiin akka jalqabame Adda baasuun rakkisaa akka ta'e ibsa. Haalli moggaasa maqaa jalqabbii afaanii wajjiin hidhata kan qabu ta'uusaa agarsiisa. Kanumarraa ka'uun umriin moggaasa maqaa kan afaan dhala namaatirraa adda hin baaneefi dheeraa ta'uu isaa hubanna.

Maalummaa hiika maqaa irratti hayyoonni adda addaa yaada garagaraa yeroo yerootti kennanii jiru. Haaluma kanaan Addunyaan ( 2010:117 ) irratti yoo ibsu, " Maqaan moggaasa namootaafi wantootaati jechuun gahaadha,:" jechuun kaayeera. Yaada kanarraa akkuma hubatamu maqaan moggaasa namootaafi wantootaaf kennamu ta'uu agarsiisa. Haaluma kanaan maqaan moggaafme sun namaafi bakka yookaan wantoota biroo hawaasicha biratti adda bahee ittiin waamamuuf tajaajila. Maqaan yeroo kennamu dhuunfaadhaan ykn gareen ta'uu danda'a.

Moggaasni maqaa aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo wajjiin walqabata akka ta'e hayyoonni tokko tokko ni ibsu. Yaada kana ilaalchisee Marsaniin (2008:15) irratti yoo ibsu, "Moggaasni maqaa aadaa sabaa keessaa isa tokko. Hiikni maqaa moggaafamee kunis hiika sirrii kan argatu, aadaa hawaasa maqaa sana moggaasee keessatti qofa."jedha. Haala kanarraa akkuma hubatamu aadaa hawaasni qabu keessaa tokko moggaasa maqaati. Kanumarraa ka'uun akkuma afaan mallattoo

eenyummaa saba tokkoo ta'e, maqaanis mallattoo saba tokkoo ta'uu isaatirra darbee maqaan moggaafamu tokko hiika kan argatu aadaa hawaasa moggaasni itti kenname keessatti qofa akka ta'we hubanna.

Walumaa galatti moggaasni maqaa misirroo kuni akkuma moggaasa maqaa dhalootaa hawaasa sana keessatti isheen heerumtee gara maatii sanaatitti dhufte tun moggaasa maqaa haaraa argattee seera uumaafi akkasumas aadaafi duudhaa hawaasa sanii faana akka ta'uu qabutti tajaajiluu akka danda'u agarsiisa.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Moggaasni maqaa misirroo ummata Oromoo biratti durii qabee moggaafamaa turaara, moggaafataallee jira. Moggaasni kunis wanti adeemsifamuuf, aadaan moggaasaa kun hawaasa kana biratti iddoo guddaa qabaachaa turuu isaa odeeffannoo hawaasa irraa argameen hubatameera. Kunis hawaasni kun aadaafi safuu isaa kana eeggachuuf jecha moggaasa maqaa misirroo kana gaaggeessaa akka ture odeeffannoo argameerraa hubachuun danda'amee jira. Haalli duraan ture kunis: intalti ilmaa tun haadhaafi abbaa gurbaa sanii safuun haala maqaa itti moggaaffatee saniin waamuu, haadhaafi abbaan gurbaa akkasumas firoottaniifi ollaan warra saniitis akkuma moggaasa kennaniif sanitti kabajaafi safuu eeganii ittiin waamachaa turaniiru. Ka'umsi qorannoo qorattuu tanaas aadaa boonsaa ummanni Oromoo durii qabee dudhaafi safuu isaa eegee gaggeeffacha ture kana ilaalchisee naannoo qorannoon irratti gaggeeffame kanatti dhaloonni ammaa aadaa bareedaa kabajaafi waljaalala of keessaa qabu kana bal'inaan itti fayyadamaa jiraachuufi dhiisuu isaa wanti ibsame hinjiru. Akkasumas mataduree kana ilaalchisee qorannoon gaggeeffame hinmul'atu. Kanumarraa ka'uun ka'umsi qorannoo qorattuun tanaas Moggaasa Maqaa misirroo ummata Oromoo Arsii qaccessuun ademsaafi safuusaa akka qabatetti osoo hin harca'iniifi kallattii isaa hin jijjiiratin barreeffamaan dhaloota dhufuuf dabarsuufiidha. Kan malees ummatichis aadaa isaa bareedaafi waljaalala of keessaa qabu kana ofitti fudhatee ulfinaan akka dhimma itti bahu gochuuf ibsa keessoo qorattuu tanaati.Walumaa galatti qorannoon kun gaaffilee armaan gadiitiif deebii ni kenna.

1. Haalli gaggeeffama Moggaasa Maqaa Misirroo Ummata Oromoo Arsii Asallaa keessatti raawwatamuun akkamiini?

2. UlaagaanMoggaasa maqaa misirroo ummata Oromoo Arsii Asallaa keessatti ittiin gaggeeffamu maal fa’a?
3. Moggaasni maqaa misirroo kun ergaa akkamii qaba?
4. Haalli moggaasni maqaa misirroo Bulchiinsa Magaalaa Asalaa yeroo ammaa irra jiru maal fakkaata?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannicha

Moggaasa maqaa misirroo /ashoo/ ummata Oromoo Godina Arsii Bulchiinsa Magaalaa Asallaa qaaccessuu ta’a.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa

1. Haala gaggeeffama Moggaasni maqaa misirroo ummata Oromoo Arsii Asalaa keessatti qabu akkam akka ta’e addeessuu,
2. Ulaagaan Moggaasa Maqaa misirroo ummata Oromoo Arsii Asallaa keessatti maal faa akka ta’an tarreessuu,
3. Moggaasni Maqaa Misirroo kun ergaa akkamii akka qabuufi dhaloonni ammaa aadicha akkamiin akka ilaalaa jiru ibsuu,
4. Haala Moggaasni Maqaa Misirroo magaalaa Asalaatitti amma irra gahe ibsuufi dhaloonni ammaa kuni akkamiin akka ilaalu ibsuu.

## Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokkoyemmuu gaggeeffamu qaama yookaan dhimma gaggeeffamuuf (barbaachisuuf) qaba. Kanuma bu’uureffachuun qorannoon kunis barbaachisummaan isaa akka armaan gadii ta’a.

- Faayidaa moggaasni maqaa misirroo ummata Oromoo Arsii Asallaa keessatti qabu agarsiisuun Oromootaafi namoonni naannoo biraa akka hubatan taasisa jedhamee abdatama.
- Waajjira aadaafi turizimiitii Godina Arsiifi magaalaa Asallaatis kana irraa ka’uun aadichaaf xiyyeeffanoofi kunuunsa akka godhuu danda’u gochuuf.

- Qaamonni dhimmi ilaallatu kanneen biroo hubannoo irraa argatanii akka itti fayyadaman taasisuu danda’a.
- Duudhaa kana dhaloota dhufuuf barreeffamaan ol kaa’uuf ni tajaajila jedhamee abdatama.
- Qaamota gara fuula duraa dhimma kanarratti Godina Arsii aanaalee gara garaa keessatti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka madda ragaatti tajaajiluu danda’a.

## 1.4. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yemmuu gaggeeffamu daangaa qabaachuu qaba. Qorannoon qorattu tanaatis, daangaan isaa, Naannoo Oromiyaa, Godina Arsii, Bulchiinsa Magaalaa Asallaa keessatti mataduree “Qaaccessa Moggaasa Maqaa Misirroo” irratti kan xiyyeeffate yoo ta’u, moggaasni maqaa misirroo kun akka odeeffanoo argamerraa hubatamutti hawaasichi kan waan adda addaa bu’uura gohachuun moggaase ta’uu isaa malee, maqaaleen bara as aanu kana keessaa kan moggaafaman ifatti taa’ee wanti mul’atu hinjiru. Moggaasa kana ilaalchisee adeemsi hawaasa keessatti raawwiin mul’ataa jiruufi haalli odeeffannoo gaggeeffame irraa hubatamus kallattii laafiinsa aadichaa kan mul’isu ta’uu agarsiisa. Yeroo ammaa kana keessa immoo inumaa dhaloota ammaa kana qofaa mitii abbootima birattillee kan heddu dhimma itti bahaa jiru daawwannaa taasifame irraa hubachuun danda’amee jira. Kanaaf moggaasa maqaa misirroo yeroo durii moggaafaman funaanuun qaacceffamee akka galmeeffamu, moggaasni kunis gosoota gaa’elaa Godina Arsii Bulchiinsa Magaalaa Asallaa keessatti beekaman keessaa kan kaadhimachuun /sirna qabeessa/ (‘legal marriage’) ta’ee kan raawwatameen, yaaxxinaalee fookloorii dhiyaatan keessaa yaaxxina irra deebi’anii ijaaruutiiniifi mala qorannoo akkamtaafi mala iddatteessuu akkayyoo kan jedhu irratti xiyyeeffatee kan dhiyaateedha.

## 1.5. Qindoomina Qorannichaa

Qindoominni qorannoo kanaa boqonnaalee of danda’e garagaraa shanitti qoodamee kan qophaa’udha. Boqonnaan tokkoffaan, Seensa, Ariirrata, Ka’umsa Kaayyoowwan, Faayidaa, Daangaafi Hanqina of jalatti hammata. Boqonnaan lammaffaan, sakatta’a barruu, maalummaa aadaa moggaasa maqaa misirroofi faayidaa moggaasa maqaa misirroo of jalatti hammata. Boqonnaan sadaffaan, Malleen qorannoo, iddattoo, Meeshaalee funaansa ragaafi madda ragaa

hammata. Boqonnaan Afraffaan, dhiyeessaafi qaaccessa moggaasa maqaa misirroo kan hammatu yoo ta'u, Boqonnaan shanaffaan, xumura argannoo, yaada furmaataafi booda maxxantuu of jalatti hammachuun dhiyaat eera.

## 1.6. Hanqinna Qorannichaa

Adeemsa qorannoo qorattuu tanaa keessaatti mataduree kana ilaallatee ragaan barreeffamaan taa'e dhabamuun qindoomina qorannoo kanaa danquu danda'a shakkii jedhu qabdi. Dabalataan yeroo qorannoo kana gaggeessitu qorattuun tun hojii idileetiin qabamuun akkasumas hojii dabalataa kan biraas hojjachaa waan turteef, hanqinni yeroo muudateera. Dabalataan danqaa guddaan dhibee koroonaa jedhamu addunyaa mara muudateen wal-qabatee, akka namuu mana ofii taa'u jedhamee labsii baafameen wal-qabatee odeef-kennitoonni dhabamuun irra deddeebisaan bilbila qofaan qunnamaa odeeffannoon funaanamuu, ammas hawaasni akka cidha hingaggeessine labsiin dhoowwamuun, daawwannaa taasifamuuf kaayyeffatame gufachiisuun, akkasumas namoonni akka wal-gayanii nama sadihiifi isaa oliin bakkee tokkotti hin argamne labsiin jedhuufi manguddoonnis umrii isaanii kanarratti dhibeen kun nicima waan jedhameef sodaachuun yoo bilbilaanii malee qaamaan argachuun rakkisaa ta'ee mul'atee jira.

# BOQONNAA LAMA

# SAKATTA’A BARRUU

Boqonnaan kun sakatta’a barruuwwan qorannoo kana cimsan of keessatti hammata. Gama biraatiin boqonnaa kana keessatti, Yaaxxinaalee aadaa, maalummaa maqaa, maalummaa moggaasa maqaa, moggaasa maqaafi aadaa, faayidaa moggaasa maqaa, ulaagaa moggaasa maqaa, adeemsa moggaasa maqaa akkasumas sakatta’a barruu walfakkii qorannoo digirii lammaaffaafi tokkoffaa kan qorannoo kanaan walfakkaatu sakatta’uun kan dhiyaate ta’a.

## 2.1. Yaaxxinaalee Fookloorii (Theories of folklore)

Bu’aa kallattii beekumsa tokkoo argamsiisuuf qabuufi daandii inni beektota /hayyootatti/ agarsiisuuf qaburratti bu’uureffachuun hayyuun Dorson, R. jedhamu daayessoota fookloorii jiran haala yeroo ammaa keessatttti fudhatama qabaniin bakka adda addaatti qooduun: ideology, ontextual, historical-geographical, historical-reconstructional, hemispheric, mass-cultural, functional, psychoanalytical, folk-cultural, cross-cultural, structural fi oral-formulaic kanneen jedhamaniidha. Yaaxxinaalee kanneen keessaa qorannoo kanaan kan walqabatan yaaxxina irra deebi’anii ijaaruu (historical-riconstractional theory), yaaxxinaalee xiinsammuu (psychoanalytical theory) fi yaaxxina aadaa hawaasaa (folk-cultural theory) yoo ta’an, qorannoon qorattuu tanaatis yaaxxina irra deebi’anii ijaaruu irratti kan hundaayu ta’a. Isaanis haala asiin gadiitiin ibsamu.

### 2.1.1. Yaaxxina irra deebi’aniii Ijaaruu (Historical-Reconstructional)

Daayessi kun duudhaan hawaasaafi fookloориin durii irra deebi’uun tajaajilaaf ooluu akka qaban kan kaahuudha. Akka yaada yaaxxina kanaatti, wantoota ammaatiif kan bu’uura ta’e, waan durii waan ta’eefi, qorannoo fookloorii kan ammaatis ta’ee ka duraanii qorachuuf wantoota durii duubatti deebi’uun ilaaluun barbaachisaa ta’uu isaati. Walumaagalatti yaada kanarraa wanti hubannu, fookloorii yokan aadaa duraan turte deebisanii jajjabeessuuf yaaxxinni kun tumsa guddaa taasisa. Kanaafuu qorannoo fookloorii keessatti haala kana tajaajilamuun bu’a qabeessummaa isaa mul’isa.Yaaxxina kana bu’uura godhachuun matadureen qorannoo kanaatis wanta aadaa kana kan duraan hawaasa kana keessatti tajaajila kennaa ture aadaan moggaasa

maqaa misirroo kun yeroo ammaa kana darbee darbee malee kan dagatamaafi laafaa dhufe ta'uun waan hubatameef aadaan kun hawaasa kana keessatti deebi'ee akka lubbuu horatu gochuun barbaachisaadha. Kanaaf yaaxxinni kun mata-duree kana wajjiin kan deemu ta'ee argamee jira.

### 2.1.2. Yaaxxina xiinsammuu (Psychoanalyticaltheory)

Yaaxinni kun yaada hayyuu xiinsammuu kan ta'e Sigmund Freudniikan nama yaadachiisu ta'uu Dorson ibseera. Akka yaada yaaxxina kanaattis, qorannoon fookloorii xiinsammuu hawaasa itti fayyadamuu bu'uura godhachuu akka qabuudha.Kunis hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti waan amaleeffate, waan irraa ka'ee jedhuufi sababa jedhuufis qaba. Akki itti fayyadama hawaasichaa haala garee hawaasa sanii walhubachiisuufi ergaa dabarsuu akka danda'uufi. Kanaafuu akki itti fayyadama fooklooriì, hawaasa tokko keessatti argamu xiinsammuu itti fayyadama sanaa bu'uura godhata jechuudha. Kunis yaada sammuu isaarraa ka'ee haala qabatama argamu keessatti hawaasni akkaataa itti fayyadamuufi dhimma itti fayyadamuuf qaba. Kun immoo, hawaasa hunda biratti fooklooriin hundinuu tajaajila tokkoof yookaan hiika wal fakkaatu kennuuf akka hin oolle agarsiisa.Waan kana ta'eefis, qorataan fooklooriì tokko, fooklooriì jiru giddugaleessa godhachuun qo'annoo gaggeessuu osoo hintaane, xiinsammuu itti fayyadamtoota fooklooriì sanii giddugaleessa godhachuun maaliifi akkamitti itti fayyadamu, fooklooriin gargaaraman maal fakkaata jechuun waan itti fayyadamaan sun bu'uura godhate xiinxaluun barbaachisaa ta'uu isaati.Yaaxxinni kun amaleeffannaafi sababa gochaa hawaasni tokko raawwatu kan agarsiisu yoo ta'u, aadaan qoratame kuni immoo hawaasa kana keessatti tajaajila dur kennaa ture kan hanqifate waan ta'eef amaleeffannaa hawaasa sanaa kan jajjabeessuu danda'u yoo wantichi mul'ate malee faayidaan yaaxina kanaa mataduree kana keessatti guddaa hin-mul'atu.

### 2.1.3. Yaaxxina Aadaa Hawaasaa (Folk-Culturaltheory)

Yaadxinni kun kan madde qo'attoota duudhaa kan ta'an kanneen akka Lorwerth Peate, Don Yoder faadha. Kaayyoon fooklooriì kanaatis hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimuufi bu'aan hawaasaa (wantoonni hawaasaan uumaman) xyyeeffannoo akka argatu taasisuudha. Akka yaada yaaxxina kanaatti, qorannoon hammayyaa'aa ta'e, yaaxxina qofa kan giddugaleessa godhatee miti. Odeeffannoo dirree kanneen waan seenaa durii, waan durii waa'ee fooklooriì sanii

kan agarsiisudha. Kanaafuu qo'annoon fookloorii waan aadaa, duudhaa, faaya aadaa, akkasumas, qabeenya uummataafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba yaada jedhu agarsiisa. Yaaxxinni kun aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo kan jajjabeessuufi xiyyeeffannoos akka argatu kan taasisu ta'uu nu hubachiisa. Ammas matadurichi qorannichaa aadaan hawaasaa xiyyeeffannoo akka argatu kan jajjabeessu ta'us dursa aadaan sun bal'inaan hawaasicha keessatti mul'achuun dirqama ta'a. Kunis tajaajilli yaaxxinni kun mataduree kanaaf kennuu danda'u okkolchiisa waan ta'eef yaaxxina kanatti dhimma bahuun rakkisaa ta'a. Kanaafuu yaaxxinaalee kanneen keessaa irra caalaa yaaxxina irra deebi'anii ijaaruu (Historical reconstructional Theory) gargaaramuun qorannoon kun gaggeeffameetii jira.

## 2.2. Maalummaa Moggaasaa

Moggaasni dhufaatii afaanii irraa adda bahee kan ilaalamuu miti. Afaan dhufaatii ilma namaa wajjiin walitti hidhata cimaa waan qabuuf isaan lamaan isaanii addaan baasanii ilaaluun rakkisaa ta'a.  Kanaafuu dhimmi moggaasaafi seenaan ilma namaa umrii dheeraa lakkoofsisee jira. Walitti dhufeenya afaaniifi moggaasaa kana dameen saayinsii qoratu xinqooqa hawaasaa /socio linguistics / jedhama. Kitaabni Great soviet Encyclopedia (1976 vol 24: 259) xinqooqa hawaasaa yoo hiiku, “Socio linguistics is a scientific displine based on a linguistics, sociolojy abroad range of problems associated with the social nature of language. The social function of language, and the way in which social factors influence language” jedha.Yaada tanaa olii kanarraa wanti hubatamu, afaan hawaasa keessatti gahee inni taphatuufi faayidaa hangamii qaba rakkoolee afaan hawaasaa irratti dhiibbaa fidan maali?  Gaaffiiwwan jedhaniifi kan biraatis kan deebisuu danda'u xinqooqa hawaasaa / socio linguistics / dha. Waayee  xiqooqa  hawaasaa hanga kana yoo jenne ammaa mee gara maalummaa moggaasaatitti haa deemnu. Moggaasni maali? Gaaffii jedhuuf hayyoonni yeroo gara garaa hiika kennanii jiru.

Wikepidia moggaasa yoo ibsu “Naming is assigning a name to something” jedha. Akka toorri intarneetii wikepidia ibsutti, moggaasa jechuun maqaa waan tokkoof kennuu yookaan qooda ittiin waamama waan tokkoof ramadamuudha.

Abdullaziiz (2016:59) moggaasa yoo ibsu, “Moggaasni waan tokkoo lafa ta'ee maqaa namaas yookaan immoo umama biros yoo ta'e waan moggaafamuuf yookaan hiika mataa isaa qaba”

jedha. Akka yaada hayyuu kanaatitti moggaasni, namaaf, iddoowwaniif, uumama birootiif, moggaafamu hiika mataa isaa kan qabu ta'uu isaa agarsiisa.

Abdulsamad (199:51) maalummaa moggaasaa yoo ibsu, "jechoonni namaaf, mukaaf, mee shaaf, gochaaf yookaan yaadaaf moggaafamu maqaa jedhamu" jedhee hiika. Akka yaada hayyuu kanaatitti, moggaasni waan lubbuu qabaniifi lubbuu hinqabne ittiin waamaman ta'uu isaati.

Yaaduma moggaasaa kana ilaalchisee Huseen Badhaasoo (2000:208) irratti yoo ibsu, haati gurbaa fuudhuu akka aadaa arsi'iititti haadha warraa ilmaa maqaa haarawa baaftiif malee maqaa warri isi'ii baaseefiin hinwaamtu. Kafuudhe kun yoo hangafa ta'e, akkasumaan maqaa hangafaa itti baafatti. Fakkeenyaaf, "Soorettii, Gabii, Aantuu, Hawwii, maqaawwan jedhaniifi kabiraallee hedduun waamti. Maqaa fedhellee tahu maqaa hika mishaa qabuun waamti. Idaayyittilleen akkanuma soddaatii ofii jaalachuufi ulfeeffachuutu irraa eegama. Kanallee  waan ta'eef isilleen soddaatii maqaa jaalalaafi kabajaa mimmishaa itti baafatti. Fakkeenyaaf, Aayya'a, Daye'e, jettiin fa'a. Aadaan soddaatiifi intalti /haati warraa ilmaa/ maqaa walitti baafachu'uu kun ammalle'e hinhafne. Gara kaaniin ammoo aadaan tun, arsii keessa calla osoo hintaane, oromoo mara keessa turte, jirtille'e. Kunis shawaa oromoo birattis maqaan baafamu "Sooretti'I, Nadhi'I, Dhale'e, Dame'e, Dureetti'i fa'a jechuun maqaa misirroof moggaasu.

Adeemsa sirna gaa'elaa  kadhachuun fuudhuu keessatti, warri shawaa oromootis guyyaa cidhaa haadhaafi abbaa gurbaa irraa eegalee, firoottan gurbaa dabalatee intala /misirroo/ fuudhanii galaniif maqaa haaraa filatanii baasuuf.Yeroo heddu garuu, kanuma soddaatiin baaftefiin namoonni hundinuu fayyadamu.

Moggaasa kana walirraa fudhachuun namni nama irraa qofa kan fudhatu osoo hintaane, iddoon nama irraa, beeladoota irraa, akkasumas iddoowwan muka irraa walirraa fudhatu. Yaada kana Stewart (1967:62) irratti yoo ibsu, "Place that were frequented by wild animals some of yhem extinct and by birds, insects, and fishes were sometimes named from them" Jedha. Yaada armaan olii irraa kan hubatamu iddoowwaniifi namoonnis moggaasa isaanii waan adda addaa irraa argachuu isaanii mul'isa. Kana malees moggaasni bifa garagaraatiin ibsamuu akka danda'u, innis: maqaa nama dhuunfaa, maqaa qoosaa, maqaa fuudhaafi heerumaa, maqaa gosaa yookaan maatii,maqaa bakkaa, maqaa bineensotaa, maqaa biqilootaafi kan kana fakkaatan jedhamee akka

qoodamu, inni kunis wantoota kanneen addaan baasuun ittiin waamuuf akka gargaaru yaadota kanneen irraa hubachuun ni danda'ama. Akka yaada dabalataatti obbo Huseen Badhaasoo moggaasa maqaa jechuun akka waliigalaatitti ittiin waamama nama tokkooti jennaan. Gama mataduree qorannichaatti wayta deebinu immoo, moggaasni maqaa misirroo duudhaafi safuu ummata Oromoo keessatti warri intala tana fuudhe kun finna isaaniitiif maqaa haarawa carraa haarawa waliin baasuuf jechuudha. Egaa adeemsa akkasii kanaan moggaasa maqaa misirroo jedhanii hawaasni kun akka waamu   ibsanii jiru.

Walumaagalatti hiikkaawwan tanaa olitti kennaman hundinuu maalummaa moggaasaa ibsanii jiru. Yaadniifi ibsi hayyoota garagaraa haala adda addaatiin haa hiikan malee yaadni isaanii hundinu wal fakkaata. Durii kaasee moggaasni waan adda addaa ibsuuf kan moggaafamu ta'uu isaa ilaallee jirra. Kan moggaafamus maqaa namaa, biqilootaa, bineensotaa, gosaafi kan kana fakkaatan yoo ta'u, isaan kanaan maqaan namaatis kan moggaafamu ta'uu gara fuulduraatti ibsamee jira.

## 2.3. Maalummaa Maqaa

Maalummaa maqaa ilaalchisee barreessitoonni garagaraa yaada adda  addaa yeroo garagaraatti yaadiddamoota tokko tokko kaa'anii jiru. Boqonnaa kana jalatti, yaadni hayyootaa dhimma maqaa waliin walqabatee barreessan maal akka fakkaatu sakatta'amanii akka ilaalaman ta'ee jira. Sakatta'iinsa barruu adda addaa kana keessatti akkaataan hayyoonni afaanii itti maqaa ibsan xiinxalamee dhiyaatee jira. Kunis maalummaa maqaa bu'uureffachuun waan barreessitoonni jedhan maal akka fakkaatu b hubachuun odeeffannoo xiinxalame wajjiin walbira qabuun yaanni hayyoonni lafa kaayanii jiraniifi haala qabatamaa yeroo ammaa bulchiinsa magaalaa qorannoof filatame kana keessatti argamu walbira qabuun mirkeneessuuf qorattuu gargaaree jira. Oromoon jiruufi jireenya isaa keessatti aadaa, duudhaafi safuu ittiin waa raawwatu qaba. Aadaan isaa kunis akka mallattoo eenyummaa hawaasichaatti tajaajila. Haaluma kanaan qorattuunis yaada hayyoonni waayee maqaa ilaalchisee lafa kaayan keessaa sakatta'uun hangi tokko maal akka fakkaatu akka armaan gadiititti dhiyeessitee jirti. Maqaan moggaasa namaa, bakkaa yookan waan tokko isa biraarraa adda baasuun ittiin waamuuf kan kennamu ta'ee, namni yookaan wanti maqaan kennameef sun dhuunfaatti kan ittiin beekamu ta'a. Kunis namni tokko isa biraarraa, akkasumas waanti tokko kan biraarraa adda bahee kan ittiin beekamu ta'a.

Maqaan yeroo moggaafamu cal jedhee osoo hin taane, wantoonni xiyyeeffannoo keessa galan heddutu jiru.

Maalummaa maqaa gama ilaaluun yaada armaan olii kan deeggaru, Cristal (1989:12) yoo ibsu, “A namen is aword or a aphrase that identifies specific person, place or things,”jechuun kaa’a. Maqaan bakka bu’aa wanta qabatamaan yookaan yaadaan jiru tokkooti. Kana jechuun utuu “Qeerransi hin jirree maqaan bineensa san bakk bu’ee fakkii isaa sammuutti nuu fida jechuudha.Kana ilaalchisuun Geetaachoo (2009:97) yoo ibsu “maqaan jecha nama, iddoo, meeshaa, yaadaafi kan kana fakkaatan bakka bu’udha jedha. Kana irraa ka’uun maqaan kan namni yookan wanti tokko ittiin beekamuufi bakka bu’aa ta’uullee nu agarsiisa. Yaaduma kana kan deeggaru, Tafarii (1988:98) yoo ibsu, “Maqaaleen ittiin waamama namootaa, bakkaafi wantootaaf kennamuudha Jechuuun kaa’a. Akka yaada kanaatti namoonni, bakkiifi wantoonni ka ittiin waamaman ta’uu agarsiisa.

## 2.4. Moggaasaa fi Aadaa

Moggaasni maqaa misirroo yoo kennamu aadaa saba yookan hawaasa moggaasa sana kennee keessatti hiika qabaachuutu irra jira. Kana jechuun moggaasni maqaa uumama afaanii wajjiin kan walqabateefi afaan immoo ibsituu aadaa saba tokkooti. Haaluma kanaan ummanni Oromoo magaalittii kana keessa jiraatan akkuma hawaasa biraa misirroodhaaf yoo maqaa moggaasu, haala tanaa olitti ibsameen ta’uun kun akkuma jirutti ta’ee, ummanni Oromoo garuu, aadaa, safuufi duudhaa mataa isaa kan qabuudha Yeroo misirroodhaaf maqaa baasu, fedhii, hawwii, fiixaa dheerina, badhaadhina, jaalalafi k.k.f bu’uura godhachuun maqaa sana baasa. Haaluma kanaan Oromoon keessattuu yeroo misirroof maqaa moggaasu, adeemsa mataa isaa danda’e qaba.

Yaada tanaa olirraa akkuma hubatuun danda’amu, moggaasni maqaa misirroo aadaafi adeemsa hawaasichaatiin kan murtaa’u ta’a. Kunis hiikni maqaa moggaafamee sun irra caalaa ifa kan ta’u, aadaa hawaasa maqicha san moggaasee keessatti jechuudha. Kana ilaalchisee Smith (1969:268) yoo ibsu, “The exact connotation of each name is that in the mind of the giver,” jedha. Yaada kanarraa wanti hubatamu hiikni moggaasa maqaa sammuu nama yookaan qaama maqaa san moggaasuu keessaa akka maddu agarsiisa. Haaluma kanaan moggaasni maqaa misirroo hiika

guutuu argachuu kan danda'u, aadaa hawaasa maqaan sun keessatti kenname biratti qofa ta'a. Akka fakkeenyyaatti maqaan: "Hawwii, Urgoo, Ayyaantu, jedhu Oromoo biratti malee saba biraa biratti hiika qabaachuu hindandeenye yoo ta'u, akkasuma immoo, maqaan: "Taarikee, Tsihon, tigist "jedhamu immoo, hawaasa Afaan Amaaraa beeku biratti hiika argatuu danda'a malee hawaasa biraa biratti hiika argachuu hindanda'u jechuudha. Haaluma kanaan walitti dhufeenya aadaafi moggaasa maqaa ilaalchisee wanta "Smith" kaaye kana deeggaruun Dunkling (1977: 47) yoo ibsu, "Men give names depending on culture of the society. Nama have been given in mystical relationship between the name and the person who heard,"jedha. Yaada kanarraa wanti hubatamu, maqaan misirroo yoo moggaafamu aadaa hawaasaa keessaa isa tokko ta'uu mul'isa. Kanarraa ka'uun hiikni moggaasa maqaa keessa jiru haalaan kan beekamu, aadaa hawaasa moggaasni maqaa keessatti kenname akka ta'e hubachiisa.

## 2.5. Walitti Dhufeenya Moggaasaafi Hawaasaa

Namni nama wajjiin hawaasni hawaasa wajjiin waliigaluuf moggaasa afaan waliigaltee San beekuun barbaachisaadha. Bakka hawaasni tokko moggaasa hiika jechota afaan dubbatamuu san hin-beeknetti waliigaluun hin-danda'amu. Hawaasni afaan ittiin walii galamu beekuun immoo seenaa, aadaa, duudhaa, sirna garagaraa hawaasa sanaa beekuudhaaf gahee guddaa qaba. Fakkeenyaaf bakkeen seena qabeessa ta'e 'Aanolee 'jedhamuun iddoon moggaafame olla Bulchiinsa Magaalaa Asallaa Godina Arsii Aanaa Heexosaa keessatti argama.Maqaan kun maaliif (akkamitti) akka moggaafame namni beekuu barbaade tokko deebii inni argatu seenaa keessatti miidhaa miidhaa sirni darbe saba Oromoo irraan gahe maal akka ta'eefi waan saba kana irratti raawwatamaa ture maal faa akka ta'e hubannoo gahaa argata. Wanta sirna tokko keessatti raawwatamee bu' aafi miidhaa sirni tokko qabu madaaluuf nama gargaara. Kanumarraa ka'uun meeshaalee aadaa, aadaa uffannaa, nyaataa, gaddaafi gammachuu hawaasni sun qabus achirraa hubachuun nidanda'ama. Dabalataan amantaa sabni sun hordofus maal akka ta'e hubachuun nidanda'ama.Kanaafuu hiika moggaasa tokkoo beekuuf afaan beekuun akkasumas aadaa hawaasa sanaa beekuun barbaachisaadha. Walumaagalatti yaadni tanaa olitti dhiyaate kun moggaasaafi hawaasni karaa garagaraatiin walitti dhufeenya qabaachuu isaanii fakkeenya kenname irraa hubachuun nidanda'ama.

## 2.6. Moggaasa Maqaa Misirroo

Moggaasni maqaa misirroo yookaan ashoo adeemsa sirna fuudhaafi heerumaa keessatti sirna gaggeeffamu ta'ee, kurfii cidhaa barii warri mucaa fuudhuu qophii dhoofsisaa erga xumuranii booda sirna gaggeeffamuudha. Adeemsi kunis fuudhaa heeruma sirna qabeessa kaadhimachuun kan raawwatamu irratti kan gaggeeffamu jechuudha. Guyyaa kana adeemsi jalqabaa, intala fuudhanii galaniin tana daa'ima jilba isiitirra kaayanii hori, buli, maatii ta'i, lafa guuti kabaja argadhuufi k.k.f. jechuun eebbsu, itti aansuun haadhaafi abbaa akka maqaa isaaniitiin hinwaamne quba mirgaa isi'ii qabuun sirna laguu raawwachiisu. Asirratti lagannaan kun maqaan abbaa gurbaa kanaa Badhaasoon yoo ta'e, wanti isiin jettee waamtu, Soommaaso, akaakayyuu gurbaatis akkuma kana maqaan isaa Gammachuu yoo ta'e, Soommachuu, kan haadha gurbaa kanaatis maqaan isi'ii Bariitee yoo ta'e, Soommiitee jechuun akka waamtu taasisu. Mucayyoon tun haadhaafi abbaa mucaa kanaa maqaa itti himame kanaan ala hinwaamtu. Sababni isaa lagannaan kun hooda waan ta'eef hoodni kun immoo ummata Oromoo biratti ulfaataadha. Ulfina kana namni cabse akka waan safuu hawaasa kana dabsetti ilaallama. Sirna kanatti aansuun immoo moggaasa maqaa haarawaatu gaggeeffama. Moggaasni kunis intalti heerumaan mana warra gurbaa dhufte tuni yaadaafi hawwii garagaraa warra kanaa akka guuttuuf jecha maqaa mimmishaa fedhiifi hawwii isaanii guutuuf akkasumas mucaan fuudhe kun hangafa yoo ta'e haaluma saniin isiifillee maqaa baasuuf jechuudha.

Dabalataan maqaan moggaafamu kunis haala gurbaan maatii isaa keessatti qabu irratti hundaa'uun moggaasni kun akka gaggeeffamuu qabu ibsanii jiru. Kunis yoo mucaan fuudhu kun hangafa ta'e, kan moggaafamuufi yoo mucaan fuudhu quxisuu ta'e kan moggaafamu garaagarummaa qabaachuu isaa ibsanii jiru.

Fakkeenyaaf yoo mucaan fuudhu haangafa ta'e moggaasni kennamu: Soorettii, Biiftuu, Dureettiifi k.k.f. yoo ta'u, kan mucaa quxisuutiif immoo maqaan moggaafamu: Gammannee, Jaalannee, Haataatuufi k.k.f. ta'a. Kanaafuu fakkoommiin maqaa baasuu keessatti mul'atu hawwiifi abdii fuul-duraaf hawaasni qabanitti fakkeeffama. Kanamalees misirroo yookaan ashoo tana akka dhala ofiititti fudhachuutti fakkeeffama. Madda (2008) Hayluu Hundee Galaalchaa guutiinsa Digirii Lammaffaa Xiinxala Adeemsa Sirna Gaa'elaa keessaa ta'ee moggaasa maqaa misirroo kaaserraa kan fudhatame.

Moggaasni maqaa misirroo aadaa Oromoo keessaati qofa kan mul'atu osoo hin taane aadaa saba kamiiyyuu keessatti kan mulatuudha. Kanaaf aadaan moggaasa maqaa misirroo saba garagaraa haala tanaa gadii kanaan odeeffannoon funaaname lafa kaayamee jira.

### 2.6.1. Moggaasa Mqaa Misirroo Aadaa Amaaraa

Moggasni kun kan raawwatamu haaluma tanaa olitti kan Oromoo keessatti mul'te sanaan ta'ee fuudhaa fi heeruma keessatti, guyyaan maqaan kun aadaa ummata Amaaraa keessatti kennamu gaafuma fuudhaa san moggaafama. Maddi (2008) Hayluu Hundee Galaalchaa guutinsa Digirii Lammaffaa Xiinxala Adeemsa Sirna Gaa'elaa hojjatame ta'ee waa'ee moggaasaas kaaserraa haaluma fudhatameen manguddoon Asraat Hayluu guyyaa 03/10/2012 maqaan baafamu kun gaafuma fuudhanii galan kana daabboon yeroo misirroon warra isheetii dhuftu fiddee dhuftu sana muranii yoo nyaatan achirratti maqaan kan kennamuuf ta'uu ibsanii jiru. Dabalataan aadde Abarraash WaldaSamaayaat maqaan misirroodhaaf yeroo bayu, hamoomonni galee nyaatee dhugee erga gaggeeffamee booda warri miizee daabboo fidanii dhufaniifi kan ishiin warraa biraa fiddee dhufte kana muranii nyaachuun eebbisanii raawwatanii kan moggaafamu ta'uufi daabboon ishiin warra ishii biraa fiddee dhufte kunis durbummaa ishiititti kan fakkeeffamu ta'uufi ammas iddoo tokko tokkotti aadaan kun kan raawwatamaa jiru ta'uu, garuu naannoo kanatti heddumminaan dhimma kan itti hin-bahamne ta'uu ibsaniiru

### 2.6.2. Moggaasa Maqaa Msirroo Aadaa Guraagee

Moggaasni maqaa aadaa ummata guraagee keessatti kennamus mucayyoo heerumaan dhuftee maatii kanatti makamte tanaaf hawaasni kuni wantoota adda addaa bu'uureffachuun maqaalee aadaa isaanii ibsan barbaaduun maqaa babbareedaa kanneen akka Mushurrii, Muurshidaafi k.k.f. bariisaa fuudhee galetti moggaasa kana fedhiifi hawwii maatii sanirratti hundaa;uun kan moggaafamu ta'uu ta'uufi ammas ol bahee beekamuu baatus heddumminaan dhimma itti bahaa jiraachuu hawaasa kanaa ibsaniiru.

### 2.6.3. Moggaasa Maqaa Misirroo Aadaa Tigree

Aadaa ummata Tigree keessatti moggaasni maqaa kennamu, haalumu moggaasni maqaa misirroo kan Oromoo itti raawwatamu sanaan ta'ee amataa garagaraa keessatti garaagarummaa haala

raawwii kanneen akka daabboo muruun moggaasuu sun kan amantaa kiristaanaa keessatti raawwatamuufi maqaan kun moggaasa maqaa jechuun osoo hin-taane maqaa daabboo jedhamuun kan baafamu akkasumas yeroo ammaa kana heddumminaan kan hin-mul'anne ta'uu ibsaniiru.

#### 2.6.4. Moggaasa Maqaa Misirroo Aadaa Hadiyyaa

Moggaasni maqaa misirroo ummata Hadiyyaa biratti akkaan kan beekamu ta'ee mucayyoo fuudhanii karaa seera qabeessa ta'e kanaan makamte tanaaf sirni raawwatamu, akkuma namni amantaan garagara ta'een haalliifi adeemsi issaatillee garagara ta'uu isaafi haaluma kanaan kan warra amantaa Kiristaanaa maqaa daabboo jechuun yoo moggaasan kan warra musliimaa immoo maq- baasa jechuun kan moggaasaniif ta'uufi ammas sirni kun naannawa dhaloota isaaniititti hawaasni kan dhimma itti bahaa jiru yoo ta'u, naannawa kanatti sani kunis kan heddu hin-beekne ta'uu ibsaniiru.

### 2.7. Akaakuu Moggaasaa

Maqaan tokko yeroo moggaafamu akaakuu moggaasa mataa isaa qabaachuu mala. Kanaafuu akaakuun moggaasaa wantoota akka maqaa bakkeewwanii, maqaa namootaafi meeshaalee aadaatis of jalatti kan hammatuudha. Haluma kanaan akaakuun moggaasaa akka armaan gadiititti dhiyaatanii jiru.

#### 2.7.1. Maqaalee Misirroo Amantiin Walqabatanii Moggaafaman

Akka manguddoon Amiinoo jedhaman himanitti maqaaleen tokko tokko amantii wajjiin wal-qabatanii moggaafamuu danda'u. Aadaa Oromoo Arsii keessatti, maqaaleen kanneen akka: Adabee, Faayee, Qabbanee, Beeytii, Firdoosiifi kanneen kana fakkaatan amantii bu'uura godhachuun kanmoggaafaman ta'u.

#### 2.7.2. Maqaa Misirroo Yeroo Dubartiin Fuudhan Amrii Taate Deebi'anii Fuudhan Moggaafamu

Akka manguddoonni odeeffannoo kennan akka jedhanitti, maqaan moggaafamu akka aadaa Oromoo Arsiititti muudannoo adda addaa wajjillee walqabatee moggaafamuu danda'a.

Maqaaleen kunniinis: Fayyinee, Obsee, Hireerabbiifi kanneen kana fakkaatan du’a dubartii fuudhanii bu’uureffachuun kan moggaafaman ta’u.

#### 2.7.3. Maqaa Dagaagina Sanyiitiif Moggaafamu

Akka odeef kennittoonni ragaan irraa funaaname ibsanitti maqaan tokko tokko /gariin/ dhimma hawaasaa guutuun walqabatee kanneen moggaafamanis jiru. Maqaaleen hawaasa keessatti akka sanyiin isaanii baay’atuuf moggaafaman kanneen akka:  Fiixoo, Magartuu, Deettuu, Edaatuufi kanneen kana fakkaatan misirroon yookaan ashoon tun ijoollee baay’ee hortee akka baay’atan fedhii godhachuun kan moggaafamu ta’a.

#### 2.7.4. Maqaa Misirroo Firummaan Walqabatee Moggaafamu

Akka aadaa Oromoo Arsiititti manguddoonni yoo himan, moggaasni maqaa misirroo yoo ashilaa tanaaf yoo maqaa baasan san maqaa firummaa ibsu baasuufii nidanda’u. Maqaan firummaa ashilaa ibsu kunneenis: Nafoo, Dhiigoo, Dayee, Waan ofii, Aantuu, Dawoofi kanneen kana fakkaatan kan moggaafamu ta’a.

#### 2.7.5. Maqaa Misirroo Hawwiifi Abdii Garagaraatiif Moggaafamu

Ummanni Oromoo durii jalqabee aadaafi duudhaa isaa keessatti, hawwiifi fedhii garagaraa isaa fooklooriin ibsachaa akka ture ni beekama.Manguddoonni odeeffannoo kennanis kanuma bu’uura godhachuun: ummanni Oromoo Arsii kunis, durummaa, gaarummaa, bareedinaafi k.k.f. ashilaa tanaaf moggaafachuu nidanda’u.Maqaaleen kunniinis: Jiituu, Dureettii, Badhaatuu, Gannoo, Toltuu, Idaayyaa, Kasoo, Boontuu, Gammadduu, Hangaatuu, Hawwii, Ibsoo, Dharroo, Sugee, Mikoo, Singitan, Roobduu faa kan moggaasan ta’a. Maddi isaa manguddoota waliin gaaffiifi deebii taasiame irraa kan fudhatameedha.

### 2.8. Bu’uura Moggaasa Maqaa Misirroo

Moggaasni maqaa misirroo wanta bu’uura godhatee moggaafamu qaba. Haaluma kanaan idaayyaa tanaaf maqaa yoo moggaasan, intalti fuudhan tun gosa akamirraa, warra  akkamiirraa, balbala kamirraa, aantee kamirraa, haadha akkamiirraa, amala yemmuu isiin warra is’ii bira  turte hawaasa keessatti mul’istuufi jaalala isiin maatii ofii keessattiifi hawaasa naannoo keessa turte

biratti qabdus moggaasa maqaa isi’ii kanaaf bu’uura akka ta’etti manguddoonni ibsanii jiru. Yaaduma kana kan deeggaru Elias (2004: 47) irratti yoo ibsu, “Some names commemorate natural, physical, social or cultural events “jechuun kaaya. Akkuma yaada barreessaa kanaatirraa hubatamu, taateewwan uumamaan, aadaafi safuun hawaasa san keessatti mul’atu bu’uura moggaasa kanaa ta’uu agarsiisa. Kanuma bu’uura godhachuun gara aadaa Arsii yoo deebinu, akka aadaa arseetitti hawaasni naannawa kana jiraatus ta’ee jiraattonni Magaalaa Asallaa kunniinis kanuma bu’uura taasifachuun ashoo isaaniitiif maqaa baasaa kan turan ta’uu isaa ragaan argame ibsee jira. Kanumarraa ka’uun bu’uurri moggaasa maqaa jidduu warra fuudhuufi heerumsiisuu sanitti akkuma jaalalli uumamte, intala yookaan idaayyaa fuudhanii galaniiniifi maatii san jidduuttillee jaalala cimaa uumuuf jecha moggaasa kana ummanni kun bu’uura godhachuun dhimma itti bahaa ture. Maddi isaa (27/07/2012) obbo Ahmad Dureessaafi obbo Qaasim Raaboo irraa kan odeeffatame.

Haaluma bu’uura kanaatiin moggaasni maqaa kun kan kennamu, wantoota garagaraa irraa ka’uun kennamuu danda’a. Fakkeenyaaf Magaalaan Asallaa maqaa Asallaa jedhu kana argachuu kan dandeette, himamsa manguddootaafi ragaaleen barreeffamaa argaman akka ibsutti, gosa Arsii Oromoo “Asallaa” jedhamu naannoo magaalaa kana Asallaa kana baay’inaan jiraachaa waan turaniif maqaa gosa Asallaa jedhu kanaan maqaan kun kennameefii akka jiru ragaaleen ni mirkaneessu. Kanumaan wal-qabatee moggaasni kun kan kennamu wantoota adda addaa bu’uura godhachuun maqaaleen kanneen akka: maqaa bakkeewwanii, maqaa namaa, maqaa meeshaaleefi k.k.f. moggaafamuu danda’u. Haaluma kanaan maqaaleen wantootaa wal-duraa duubaan asiin gaditti dhiyaatanii jiru.

### 2.8.1. Dhiibbaa sirnoonni siyaasaa darban moggaasa maqaa misirroo irratti gaggeessan

Siyaasni tokko afaan tokko guddisuus ta’ee ajjeesuu keessatti gahee guddaa taphachuu akkuma danda’u, aadaa hawaasa tokkoo ol-kaasuufi gadi buusuu keessattis shoora olaanaa taphachuu danda’a. Dhimma kana ilaalchisee Alamaayoofi kanneen biroo (2004: xx) “Ummanni Oromoos jiraataa biyya kanaa osoo hintaane, biyya kanaaf keessummaa akka ta’eefi akka lammii lammaffaatti akka ilaallamu taasifamee jira. Afaan Oromoos akka hinguddanneefi hindagaagne taasifamaa tureera. Kana malees Oromoon Oromummaa isaa akka jibbuufi aadaa isaa waiinuu

tuffatamaa ta’ee aadaa, seenaafi afaan isaa kanaan akka saalfatu godhameera,” jedhu. Kanaaf moggaasni maqaa kunis afaanii walitti hidhannaa waan qabuuf dhiibbaan kun moggaasa maqaa kanarrattis gahee olaanaa qaba. Haaluma kanaan moggaasni maqaa misirroo saba tokkoo yoo sabni sun gabroomfame aadaafi duudhaa kanarras miidhaan irra gahuu danda’a. Kunis sabni sun aadaafi safuu isaa akka balfatuufi kan warra gbroomsee san akka dhaalu godha. Kana ilaalchsee Elias (2004: 62) yoo ibsu, (“During the colonial eria, Africa… received western names along side their ethinic name,” jedha. Akka ibsa kanaa oliitirraa hubatamutti, moggasni maqaa yeroo Afrikaan koloneeffatamee ture hawaasni Afrikaa sanyii isaaniitiin maddiitti maqaa warra Awrooppaa / warra dhihaa/ moggaafataa akka turan nama hubachiisa. Kunis maqaan tokko haala siyaasaatiin dhiibbaan akka irra gahu nuhubachiisa.Haaluma kanaan ummanni Oromootis dhiibbaa sirna ‘Nafxanyaa’fi kanneen darban birootiin aadaafi duudhaa moggaasa maqaa misirroo irratti qabu san jijjiiraafi dagataa dhufeera.

## 2.9. Meeshaalee Adaa Yeroo Moggaasa Maqaa Misirroo Dhimma Itti Bahan

Meeshaaleen aadaa Oromoo Arsii kan warri mucayyoo guyyaa heerumaa intala isaaniitiif haaluma duudhaa Oromootiin faana baasaniidha. Meeshaaleen kunniin aadaa Oromoo keessatti akka hambaa aadaatitti kan ilaalamaa ture ta’uu isaa agarsiisa. Meeshaaleen kunniinis: Qorii, Sinqee, Boraatii, Jaayiifi k.k.f. dha.

### 2.9.1. Qorii

Qoriin meeshaalee aadaa Oromoo keessaa ishii takka taatee, akka aadaa Arsii Oromootitt, meeshaa nyaanni kanneen akka: marqaa, micciirraa, marmareefi k.k.f. keessatti nyaatamuudha. Qorii muka irraa ogeessaan bocamtee hojjatamti. Bareechisuuf jecha callee bifa garagaraatiin faayuun diramee kan qophaa’u ta’uu isaa aadde Zeeynabaa Hajjii 24/ 09/ 2012 ibsanii jiru.



**Suuraa 1** Qorii

### 2.9.2. Sinqee

Sinqeen meeshaalee aadaa Oromoo keessaa ishee tokkodha. Sinqeen ulee qal'oo dheertuu, qajeeltuu, siimoftuu, mallattoo heerumaafi mirga dubartoonni Oromoo aadaadhaan qaban kan agarsiiftuudha. Akkasumas kabajaafi safuu guddaa qabaachuu isii irraa kan ka'e akka ulee kanneen biroo loon ittiin hin dhayan. Seeraafi wayyoomaaf qabatamti. Kunis aadaa fuudhaafi heerumaa keessatti guyyaa moggaasa maqaa misirroo kana keessatti dubartiin heerumaan dhufte tun kan qabattee dhufte yoo ta'u, guyyaa dhoofsisaa san horii warri gurbaa isiif kennu san akkuma aadichaatitti dirra loon sanii tuquun ittiin kiyyoomfatti jechuudha. Akkasumas kan seerri dubartootaaf tumee ittiin kabajamuufi eenyummaan isaanii ittiin beekamuudha. Sinqee tanas bareechisuuf jecha callee bifa bareedaa ta'e itti diruun miidhagsuun ni danda'ama.



**Suuraa 2** siinqee

### 2.9.3. Boraatii

Boraatiin meeshaa aadaa Oromoo keessaa ishii tokkodha. Aadaa Oromoo Arsii biratti meeshaan kun iddoo olaanaa qaba. Kunis, sirna fuudhaafi heerumaa keessatti dubartiin heerumte takka gaafa abbaa warraa isiitii wal-lolte akka mana sanitti hindeebine yoo murteeffatte akkuma guyyaa heerumtu fudhattee dhufta sanas guyyaa sokkittuttis boraatii tana fudhattee kan baatu ta'uu, boraatiin tunis akkuma meeshaalee biro ogeessaan muka ejersaa, heexoofi waddeessa irraa akka namni tokko boraafatutti tolfamuu issi'ii  maddi ragaa tokkoffaa  aadde Zeeynabaan ibsanii jiru.



**Suuraa 3** Boraatii

### 2.9.4. Jaayii

Jaayiin meeshaa aadaa Oromoo keessaa tokko ta'ee, kan akkuma qorii sanitti tajaajila marqa sa'aatii dheeraadhaaf   itti ol-kayuuf ooluudha. Kanamalees jaayiin kan dubartiin kaamettiin dhadhaa yeroo dheeraadhaaf baysitee itti ol-kaayattuudha.  Meeshaan kuni akka meeshaa kaawwanii kan muka irraa tolfamu osoo hin-taane, biyyee faarri irraa tolfamu irraa soofamee kan hojjatamuudha. Bareechisuuf jecha immoo callee bifa adda addaa itti diruun miidhagsuun ni danda'ama.

Walumaagalatti meeshaaleen aadaa asiin olitti ibsaman kunniin aadaa moggaasa maqaa misirroo keessatti yeroo maqaan moggaafamu san wanti misirrittiin meeshaa kaanneen keessatti qabattee dhufteefi sinqeen qabduun walqabsiisuun moggaasa kana kan raawwatan ta'uu aade Zeeynabaan ibsanii jiru.



***Suuraa 4*** *Jaayii*

## 2.10. Sakatta'a Barruu walfakkii

Qorannoon tokko wayta adeemsifamu, qorannoo isaan wal-fakkaatus ta'ee barreeffama mataduree qorannoo  hojjatamaa jiru kanaan wajjiin walitti dhiyeenna qabu dubbisuun akkasumas wal-bira qabuun haala isaan walfakkeesse ibsuu ta'a.Haaluma kanaan moggaasa maqaa ilaalchisee qorannoowwan digirii lammaffaa kanneen kanaan dura hojjataman akka asiin gadiitti dhiyaatanii jiru.

Dassaaleny Labataa (2006) yuunivarsiitii Wallaggaatti digirii lammaffaa guuttachuuf mataduree 'Xiinxala Moggaasa Maqaa Daa'imman Aanaa Waayyuu Tuqaa jedhu irratti hojjatame yoo ta'u,

Seeyfuu (2009) mataduree "Xiinxala Moggaasa Maqaa Daa'immaniifi Bakkeewwanii Walisoo" jedhuun qorannoo dhiyaate yoo ta'u,

**Wanti tokko isaan taasisu**-Qorannoon ani irratti hojjadheefi kanneen tanaa olitti ilaallaman kunniinis kan hojjataman Afaan Oromootiin, aadaairratti, kan funaanamanis hawaasa keessaa, man-guddootarraa kan odeeffatamanniifi amala isaaniitiin, qorannoowwan tanaa olii kunniin moggaasa maqaa namaa irratti hojjatamuu, moggaasa maqaa keessatti maatiiniifi firoottan qooda fudhachuu isaaniitiin qorannoo koo wajjiin wal-fakkaatu.

**Kan adda isaan taasisu** immoo, qorannoowwan asiin olii kunniin iddoon itti hojjatamaniifi moggaasni kunis daa'imman qofarratti kan xiyyeeffatuufi moggaasa maqaa daa'immaniitis bifa lamaan ilaallamuun isaatis garaagarummaa isaanii mul'isa. Dabalataan qorannoo Seeyfuu keessatti argannoon moggaasa maqaa daa'immanii maatiin gaggeeffamu keessatti, hawaasni aanichaa wanti inni bu'uura godhatee moggaasu, waqtiileefi ayyaana, yeroo ulfaa, yeroo ciniinsuu irratti kan xiyyeeffatan ta'u ibseera. Kana malees, qorannoon Shifarraaw moggaasa maqaa namaa irratti hojjatamuun, kan Seeyfuu immoo maqaa namaafi iddoowwanii irratti yoo hojjatamu qorannoon kun immoo kan hojjatame qaaccessa moggaasa maqaa misirroo qofa irratti hojjatamuu isaatiin adda ta'a. Kanaaf garaagarummaan qorannoowwan tanaa olitti caqafamaniifi qorannoon qorattuu tanaa, kan jaraa maqaa dhalootaafi maqbaasa jedhamee yoo moggaafamu, akkasumas sirna gadaatiin kan gaggeeffamuu ta'uun, kan koo immoo, kan dhalootaafi sirna gadaatiin hin gaggeeffamne ta'uun adda isa taasisa. Kanamalees moggaasni ani irratti hojjadhe waqtiilee ayyaanaa, ulfaafi ciniinsuu wajjiin walitti dhufeenya kan hinqabne ta'uufi matadureen kun kan yoomillee, eessattillee akkasumas eennuunis kan hin-hojjatamin ta'uun isaa garaagarummaa isaanii bal'isaa kan deemu ta'uu agarsiisa.

# BOQONNAA SADI

# MALA FI SAXAXA QORANNICHAA

## 3.1. Mala Qorannoo

Qorannoo tokko gochuun dura, maalif akka gaggeeffamu, akkamitti akka gaggeeffamu, maalirraatii akka xiyyeefatuufi mala akkamiin yoo fayyaadame kaayyoo barbadame bira gahuu akka danda‟u adda baasuu barbaachisa.

Haaluma kanaan qorannoo kana gaggeessuu keessatti malli qorannoo akkamtaa/qulqulleeffataa/ filatamee qorannichi akka gaggeeffamu ta‟eera. Ragaaleen qorannichaaf barbaachisanis manguddoota hojjatoota waajjira Aadaafi Turizimii waliin gaaffiilee afgaaffii, marii garee xiyyeeffannoofi daawwannaa taasisuun, kan funaaname yoo ta‟u, ragaan odeeffannoo argame kunis jechaan ibsamee akka qaacceffamee hiikni itti kennamu waan barbaadameef malli kun filatamee akka qorannicha mala akkamtaan /qulqulleeffataan/ akka gaggeeffamu ta‟eera.

Mala qorannoo kana ilaalchisse Addunyaa (2011:10) yoo ibsu, “Qorannoon Akkamtaa, gaaffii maaliif? Akkamitti? Jedhan ibsuuf carraaqa,” jedha. Haaluma kanaan dhimmoota qoranichaa keessatti, maqaan akkamiifi eenyuun akka moggaafamu, moggaasni maqaa gosa meeqa akka qabuu gaaffiin ka‟ee karaa manguddooliifi qorattoota aadaa ibsi akka irratti kennamuufi qacceeffamu ta‟eera. Kanaafuu malli akkamtaa/qulqulleeffataa kun qorannoo kanaaf filatameera.

Qorannoon malleen mataa ofii danda’an garagaraatiin adeemsifama.Isaan keessaa mala qorannoo akkamtaa yookaan mala qorannoo qulqulleeffataa (qualitative research) dha. Qorannoo akkamtaa kana keessatti odeeffannoon kan funaanamu, wanta daawwatamuun, mariidhaan, argan, dhagahan, muuxannoo jiruufi jireenya ummatichaa, wanta dubbisaniifi kanneen kana fakkaatanirratti hundaayuun funaanname. Malli qorannoo akkamtaa haala jiruufi jireenyaa yookaan aadaa hawaasa tokkoo akkaataafi bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas maal jechuu akka ta’e kan ittiin qaacceffamuudha. Haaluma kanaan qorattuun tunis mala qorannoo akkamtaa kanatti dhimma bahuun qorannoo kana adeemsiftee jirti.

## 3.2. Saxaxa Qorannichaa

Adeemsa raawwii qorannoo tokkoo keessatti raawwiin qorannoo sanii maal akka ta’uu qabu, wantoota qorannicha kana keessatti bu’uura ta’anii ilaalaman maal akka ta’an hubachuuf tajaajila. Akkasumas qorannoon sun maal akka fakkaatuufi maalirratti immoo akka xiyyeeffatamu addaan baasanii beekuun qorannicha haala barbaadameen gaggeessuuf gargaara. Kanaafuu saxaxa qorannichaa adda baasuun barbaachisaa ta’eera.

Saxaxa qorannoo ilaalchisee, Victor (2009:203) irratti yoo ibsu, “ the research design is a plan of action that allows the researcher to know ( to paraphrase) where they came from. Where they are and where they are going,”jechuun kaaya. Akka yaada kanaatitti saxaxni qorannoo tokkoo, qaamni qorannoo gaggeessaa jiru kun qorannicha garamitti fidaa akka jiru beekuuf isa gargaara.

Yaaduma kana kan deeggaru Addunyaa (2011:64) irratti yoo ibsu, “ saxaxa qorannichi deebisuuf deemu, kaayyo isaa akaakuuwwan odeeffannoo argamutti,” jechuun kaaya. Akkuma yaada hayyootaa kanarraa hubatamutti saxaxni qorannoo mala qorataan tokko qorannicha ittiin adeemsisuudha.

Dabalataanis, Addunyaa (2011:63) irratti yoo ibsu, “Qorannoon haala ibsuu irratti yoo xiyyeeffata ta’e, saxaxni isaa ibsaadha. Kan ibsamus odeeffannoo akkamtaarratti yoo hundaaye, saxaxni isaa ibsaa akkamtaa ta’a” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatitti, hojii qorannoo keessatti saxaxa qorannoo addaan baasanii beekuun barbaachisaa ta’a. Qorannoo kana keessatti moggaasni maqaa maal akka ta’e, bu’uurri moggaasa maqaa maal irratti akka xiyyeeffatuufi bu’uurri moggaasa maqaa maal akka ta’e raga manguddootarraa argame irratti hundaayuun xiinxalamanii jechaan akka ibsi itti kennamu waan barbaadameef saxaxni qorannoo kanaa ibsaa akka ta’u filatamuun hojiirra ooleera.

## 3.3. Madda Odeeffannoo

Qorannoo qorattuu tanaa keessatti madda odeeffannoo ta’uun kan odeeffannoon irraa funaaname, Waajjira Aadaafi turizimii, Waajjira Sab-qunnamtii Bulchiinsa Magaalaa Asallaatiifi hawaasa keessaa immoo manguddoota dhimma kana irratti hubannoo gadi fageenyaan qaban irraa odeeffannoon funaanamee jira. Haaluma kanaan madda odeeffannoo raga tokkoffaa ta’uun

kanneen raga irraa funaannatte manguddoota yemmuu ta'an, maddi raga lammffaa immoo wantoota odeef-kennittoonni dubbisuurraa eeran kanatti dhimma baateerti.

## 3.4. Tooftaa Iddatteessuu

Adeemsa qorannoo tokkoo keessatti iddattoon raga qulqulluu ta'e argachuuf baay'ee barbaachisaadha. Mala iddatteessuu ilaalchisee Dastaa Dassaaleny Trochim (2006:132) wabeeffachuun akka ibsetti, iddattoon hiika itti aanu kana qaba. "Sampling is the process of selecting units (e.g., people, organizations) from a population of interest so that by studying the sample we may fairly generalize our results basck to the population from whichthey were chosen." Akka yaada kanaatti iddattoo filachuun adeemsa jamaa tokko keessaa odeeffannoo argachuudhaaf namoota yookaan qaamota jamaa sanaa fudhatanii itti fayyadamuudha jechhuun ibsa. Dabalataan Dastaan iddattoo akka waliigalaatti iddoo lamatti qoonnee ilaaluu dandeenya. Kunis: mala iddattoo carraafi miti carraati. Kanuma bu'uura godhachuun haalli iddattoo qorannoo qorattuu tanaa iddattoo miti carraa irratti xiyyeeffate. Kana keessaa immoo qorattuun tun iddattoo akkayyoo fayyadamuun dirqama itti ta'ee jira.Sababni isaatis, gosni iddatteessuu kun qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qabu irraa ka'uun kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuun ragaa qorannichhaaf ta'u argachuuf isa gargaara waan ta'eefiidha.Yaada kana ilaalchisee Berg. B. (2001: 32) irratti yoo ibsu, "W hen developing a purposive sample, researchs uses their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population." Ncholas William ( 2006:79) gama isaatiin, " Purposeve sampling is wher the researcher selects what he/she thinks is a 'typical' sample based on specialist knowledge or selection criteria.Akkayaada hayyoota kanneeniititti, qorataan mala iddatteessuu akkayyoo /kaayyeffataa/ kanatti fayyadamu beekumsi waliigalaa duraan dhimmicharratti qabu murteessaadha. Mala kana keessatti iddattoo heddu fayyadamuu irra iddattoowwan dhimmi qorannoon kun irratti adeemsifamu waliin walitti hidhata cimaa qaban muraasa irraa odeeffannoo fudhachuu nidanda'a jechuudha. Kanuma irraa ka'uun qorattuun tunis, qorannoo kana wayta gaggeessitu, gandoota magaalaa Asallaa keessaa gandoota torba filachuun, manguddoota kudhalamaaf gaaffii dhiyeessuun haala maqaa baasuu, sadi hordofuun qorannoo ishee gaggeessitee jirti.

Tooftaa iddatteessuu kana ilaalchisee hayyuun Jane (2003: 78) irratti yoo ibsu, “In non-probablity sample, units are deliberately selected to refelect particular features of or groups withn the sampled population,” jedha. Yaada kana irraa haaluma hubachuun danda’amutti, tooftaan mit-carraa kun itti yaadamee iddattoo filachuuf nama kan gargaaru ta’uu isaati. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatt iqorattuunis namoota naannawa qorannoon kun itti adeemsifamu keessatti argaman keessaa kanneen dhimma kanarratti odeeffannoo guutuu kennuu danda’an manguddoota mala iddatteessuu akkayyoo keessatti itti yaaduun madda odeeffannoo filachuun ragaalee dhugummaa qabaniifi amansiisaa ta’an sassaabattee jirti.

## 3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Qorannoo tokko adeemsisuudhaaf dhimma qorannichaa irratti ragaa funaanuun barbaachisaadha. Ragaa kunis tooftaa garagaraatiin funaannama. Isaanis: af-gaaffii, bar-gaaffii, daawwannaa, mariigareefi sakatta’a dookimantii yoo ta’an kanneen keessaa qorattuun tun immoo, af-gaaffii, mariigareefi daawwannaa gargaaramuun odeeffannoo kana funaannattee jirti.

### 3.5.1. Af-Gaaffii

Af-gaaffiin meeshaa funaansa ragaa odeeffaannoon ittiin funaannamuufi qorannoon ittiin sassaabamu keessaa isa tokkodha.Akkasumas afgaaffiin mala qorannoon akkamtaa /qulqulleeffataa/ keessatti meeshaa odeeffannoonkeessaa isa bu’uuraati. Yaaduma kana ilaalchisee, Scott and Deirded (2009: 47) yoo ibsu, “Interview is one of the most popular qualitative research tools. It is very important in gathering reliable data,” jechuun kaaya. Yaada kanarraa wanti hubatamu, mala qorannoo qulqulleeffataa kanaaf raga funaanuu keessatti af-gaaffiin meshaa beekamaafi baay’ee barbaachisaa akka ta’e ta’uu isaati. Malli kunis mala qorattuun tun qaama odeeffannoo irraa argattu waliin fuulaan wal-arguudhaan odeeffannoo qorannoo isiitiif barbaaddu itti funaannattuudha. Af-gaaffiin sababa qorataafi qaamni odeeffannoo kennu fuulletti wal-arganiifi ragaa qulqulluu argachuuf filatamaadha. Yaada kana ilaalchisee David E. (2004:213) irratti yoo ibsu, “An interview is a conversation between people in which one person has the role of researcher. The interviewer has to pose quations (in either structured, semi- structured or unstructured format.) Liten to (and data capture). The responces and pose new quations.” Jedha. Akka yaada kanaatitti waliin dubbii hawaasa waliin taasifamu ta’ee, isaan keessaa tokko qoratticha ta’a. Haaluma kanaan qorattuun tunis af-gaaffiif qaama

odeeffnnoo kennu 12 kan moggaasa maqaa misirroo irratti beekumsa gadi fageenyaan qaban filachuudhaan kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gayuu keessatti dhimma itti baatee jirti. Af-gaaffii ilaalchisee Moriarty (2011:8) irratti yoo ibsu, "Intervieuls remain most comman data collection method in qualitative research and are familier and flexible way of asking people about there opinions and experiences" jechuun kaaya. Akka ibsa yaada hayyuu kanaatitti funaansa ragaa kan qorannoo akkamtaatiif mala filatamaafi baratamaadha. Kana malees qaama odeeffannoo kennanirraa yaadaafi muuxannoo gargaaru kan argattu ta'uu isaati. Dabalataan Dastaa Dassaaleny (2013:11) karaa biraatiin Dastaan (112-113) Yaalew wabeeffachuun yoo ibsu, yoo afgaaffiin odeeffannoon funaanamu sochii qaamaa odeefkennitootaa irraas odeeffannoon dabalataa argamuu akka danda'u, odeefkennitoonni deebii kennuuf yoo shakkii qabaatan qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa gochuun akka ifa ta'anii deebisaniif gochuu akka danda'u, odeeffannoo bargaaffiifi daawwannaadhaan argachuu hindandeenye kan akka ilaalchaa mala kanaan argachuu akka danda'aniifi odeeffannoo gadifageenyaa argannee sirriitti ibsuu barbaannu mala kanaan gaafannee itti fayyadamuu akka dandeenyu lafa kaayee jira. Kanaafuu, iddoo qaamota odeeffannoo kennuu danda'an dhaquun osoo hin taane, bilbilaan qorannoo kana keessatti odeeffannoo sassaabuufi af-gaaffiin hincaaseffamne hojiirra oolee jira. Haaluma kanaan namoota dhimma kana irratti hubannoo qaban 16f gaaffii dhiyeessuun namoo nni 12 Gaaffilee kanniinif deebii kennanii jiru. Gaaffilee 7 gaafachuun adeemsa afgaaffii kana kaayyoo mala akkamtaa qorannoo kanaatiin odeeffannoon funaannamee jira.

### 3.5.2. Daawwannaa

Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaannamu keessaa isa tokko ta'ee, kan qorataan tokko bakka qorannicha itti adeemsisu sanitti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannoo irratti adeemsisu san hordofuudha. Sarantakos (2005:234) irratti yoo ibsu, "Observation provides information when other methods are effective, relatively less complicated and less time consuming and offers collection of wide range of information" jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti daawwannaa kana kan dhimma itti baanuuuf, malli biraa yeroo dheeraa waan fudhatuufi wal-xaxaa yoo ta'eedha. Kana malees, odeeffannoo bal'aa ta'e qorannicha kana irratti argachuuf daawwannaatti dhimma bahuun iddoo olaanaa akka qabu hubanna. Daawwannaa kana ilaalchisuun Dastaa Dassaaleny (2013 : 118 ) irratti warri qorannoon irratti gaggeeffamu sunniin kaayyoo beekanis beekuu baatanis, waan isaan dalagan, akkatti isaan dalagan, haasawa isaanii,

barattoota yoo ta'an sochii isaan barnootarratti taasisan, kan jeeqanis yoo ta'e sirriitti ilaaluufi dhaggeeffachuudhaan galmeeffata. Haaluma kanaan qorattuun tunis fakkeenyaaf iddoo fuudhaafi heerumni itti adeemsifamu dhaquun, qaamota dhoofsisa kana irratti hirmaatan keessaa namoota hubannoo qaban 6 filachuun, gaafii 3 gaafachuun haala moggaasni maqaa misirroo itti adeemsifamu irra deddeebiin deemuun sirnicha san daawwachuun sababa koronaatiin rakkisaa ta'ullee, qorattuun hamma tokko odeeffannoodhuma hawaasa irraa funnaannatteen walbira qabuun durirraa eegalee moggaasni maqaa misirroo kun kan adeemsifamu seera mataa isaa kan qabu ta'uu ibsaniiru. Yeroo ammaa kana keessatti garuu, moggaasni maqaa misirroo kun laafaa dhufee inumaa dagatamaa jiraachuu isaa wayta daawwannaaniifi odeeffannoon kun adeemsifamu san irraa hubachuun danda'amee jira. Haata'u malee moggaasni maqaa misirroo kun duudhaafi safuu kana tursiifachuuf adeemsi kun murteessaafi barbaachisaa ta'uu ibsaniiru.

### 3.5.3. Marii Garee

Mariin garee kun odeeffannoowwan gaaffii afaaniitiifi daawwannaadhaan walitti qabame sana bal'inaan qaaccessuufi yaada waliigalaa irra gayuuf kan gargaaru yoo ta'u, namoota sirna kana irratti hubannoo qabanfi yaada hayyootaa walitti qabuudhaan marii adeemsisuun yaada gabbataafi dabalataa argachuuf mala qorattuun filatteedha. Marii garee kana ilaalcsee Neuman, (2007: 88) akka ibsutti, isa namni tokko beeku, inni biraa hinbeeku, kan tokko dagate inni biraa immoo itti dabalee nutti himuu nidanda'a. Kanaafuu odeeffannoo gahaafi ragaa amansiisaa ta'e argachuuf mala kanaan qorattuun tun yaada odeef kennitoonni kennan haalaan dhaggeeffachuun yaadannoo qabachuun mala gargaaruudha. Haaluma kanaan beekumsa namoonni mataduree kana irratti qaban irratti hundaayuun namoota 12 af-gaaffii irratti hirmaatan keessaa namoonni 7 gandoota 7 keessatti argaman filatamanii mariin kun raawwatamee jira. Mariin kunis garee xixiqqaa lamaaafi garee guddaa tokkotti qoodamuun kan raawwatame yoo ta'u, qaamonni odeeffannoo kennuuf filataman, kan garee xiqqaa keessa jiran namoota 6fi namoota 2 akkasumas kan garee guddaa keessatti argaman immoo namoota ta'uun odeeffannoon irraa funaannameera. kunniinis obbo Ahmad Dureessaa ganda Hundee Guddinaa irraa, obbo Nuura Cilaaloo ganda Wal-keessaa irraa, obbo Haaji Hasoo ganda Haliilaa irraa, obbo Amiinoo Eda'oo ganda Cilaaloo irraa, obbo Qaasim Raaboo ganda Burqituu irraa, obbo Kormee Abdii ganda Walkeessaa irraafi obbo Hajjii Kaawoo ganda Hundee Guddinaa irraa filachuun mariin garee kun adeemsifamee odeeffannoon funaanamee jira. Af-gaaffii ilaalchisee Moriarty (2011:18) yoo

ibsu, “Intervieuls remain most common data collection method in qualitative research and are familier and flexible way of asking people about their opinions and experiences “jechuun kaaya. Akka yaada hayyuu kanaatitti funaansa raga kan qorannoo akkamtaatiif mala filatamaafi baratamaadha. Dabalataan qaamota odeeffannoo kennan irraa yaadaafi muuxannoo tajaajila kennu ta’uu agarsiisa. Haaluma kanaan marii adeemsifame kanaan gaaffiiwwan moggaasa maqaa kanaan wal-qabatan, moggaasni maqaa misirroo kun guyyaa kam gaggeeffama?, moggaasni maqaa misirroo haala kamiin akka gaggeeffamu, faayidaan moggaasni maqaa misirroo qabu maali?, ulaagaan moggaasa maqaa misirroo maal fa’a?, bu’uurri moggaasa maqaa misirroo maali? Kan jedhuufi moggaasa maqaa misirroo keessatti eenyu fa’atu qooda fudhata? Jedhan dhiyeessuun marii adeemsifameen qorattuun tun odeeffannoo barbaachisaa ta’e funaannattee jirti.

Kanumarraa ka’uun gaaffilee shan qopheessuun, gaaffilee kanneenis namoota dhimma kanarratti muuxannoo qaban shaniif yaadicha akka ibsaniif marii keessatti dhiyaataniif qabxiileen kunniin dubbifameefii odeeffannoon kun hubatamee jira.

# BOQONNAA AFUR

## QAACCESSA RAGAALEE

Ragaalee qaaccessuun yaada odeef-kennitoota irraa (information from informants) gaafannaadhaaan yookaan daawwannaadhaan argame haala qabatama dhimma qorannichaa wajjiin hidhata qabuun walitti fidanii dhiyeessuudha. Kanas Wekipedian akkasitti ibsa; " Data analysis is a processof gathering, modeling and transforming data with the goal of highlighting useful information, suggesting conclusions, and supporting decision making. Data analysis has multiple fac [e]ts and approaches, encompassing diversetechniques under a variety of names, in different business, science, and social science domains."Jedha. Akka yaada kanaatti odeeffannoo ibsuun adeemsa. Adeemsa odeeffannoo funaaname tokko kaayyoo qorannichaarratti hundaa'anii yaada itti kennan, adeemsa kallattii argannootti nama qajeelchu, adeemsa murtii tokkorraan nama ga'u. Odeeffannoo hiikuun gosoota odeef-kennitootaa irratti hundaa'ee kallattii garagaraallee akka qabaachuu danda'u yaanni kun nuuf mirkaneessa. Odeeffannoo ibsuu keessatti yaada daawwannaadhaan arganne yookaan odeeffannoo odeef-kennitootarraa arganne haala walitti dhiyaataniin gama tokkotti finnee ibsuun gaariidha. Haaluma kanaan qorattuun tunis akkaatuma mataduree qorannichaatiin odeeffannoo funaanname haala tanaa gadiitiin keessee jirti.Moggaasni maqaa misirroo hawaasa tokko keessatti aadaa hawaasa sanaa ibsuu keessatti gahee olaanaa qaba. Akkuma barreeffamarraa aadaa, seenaa, amantaa, duudhaafi sirna adda addaa beekuun danda'amu moggaasa maqaa misirroo irraallee waan qabatamaa ta'e waayee hawaasa sanaa beekuun nidanda'ama.Boqonnaa kana keessatti bu'uura moggaasa maqaa misirroo amantiin walqabatee, dagaagina sanyiitiin walqabatee, firummaan walqabatee, du'a dubartii warraatiiniifi hawwii garagaraatiin walqabatee manguddootaafi namoota hubannoo qabaniin gandoota adda addaa irraa funaanamee akka tanaa gadiitti tartiibumaan qaacceffamee dhiyaatee jira. Dabalataan Ragaan sadarkaa tokkoffaa ragaa qamoota muuxannoo dhimma kana irratti qaban haasofsiisuun iraa kan argameedha.isaanis qaamota arman gaditti dhiyatanii yaada isaanii gumaachaniidha.

## 4.1. Haala Gaggeeffama Moggaasa Maqaa Misirroo Bulchiinsa Magaalaa Asallaa Keessatti

Moggaasni maqaa misirroo haala itti gaggeeffamu qaba. Haalli isaa kunis gaafa guyyaa fuudhaa heerumaa san bulanii bariisaa sanitti haaluma tanaa olitti ibsamaa tureen Sirni dhoofsisaa erga raawwatameen booda, haalli sirna maqbaasaa kuni immoo itti aanuun gaggeeffama. Kunis kurfiin maqaa intala fuudhanii galanii tanaa moggaasa maqaa kennuu kunis sirna mataa isaa qaba waan ta'eef, haati gurbaa dubartoota ollaa wajjiin ta'uun nyaataa dhugaatii sirna kanaaf qophaaye lafaan gayuun intala tanaaf yookaan intala ilma isii tanaaf qaamonni kunniin akka maqaa haaraa baasaniif haala mijeessiti.

Adeemsuma aadaatiin yeroo kana warri jaaltotaas wanta mucayyoon tun haala aadaatiin wanta sirna kanaaf oolu fiddee dhufte yoo jiraate idaayyittii tana gaafachuun fuul-duratti baasu. Wanti isiin fiddee dhuftu kunniinis: Jaayii keessatti Dhadhaa, Qorii keessatti Micciirraa akkasumas Boraatiifi siinqeedha.

Haaluma kanaan egaa meeshaalee ishiin fiddee dhufte kunniinis akka maqaa mimmishaa ta'e filachuun baasaniif gahee guddaa taphata jechuudha. Sirna kana keessatti dursi maatii warra gurbaatiif kennamee erga isaan maqaa fedha isaanii baasanii itti aansee immoo,akkawoo gurbaatiif dabareen kennamee itti aansuun warri olla baasuun dhumarra immoo dabareen warra jaaltotaatiifis kennama jechuudha.

Warri jaaltotaa kunniin immoo haaluma aadaan Oromoo lafa kaayeen maqaa **"Jaaltiyyoo"** jedhuun isaaniifi mucayyoon tunis akka wal-waamuu qaban ibsanii intalti tun maqaa duraanii kan warri isi'ii baaseef saniin akka hinwaamamne itti seeratuun sirnicha xumuru.

Sababnisaas amantii hawaasni sun yoo maqaa saniin waamamte haaluma ergaa moggaasichaa irratti ibsameetiin hormaata hir'atti jedhanii waan yaadaniif sodaadhuma sana irraa ka'uun maqaa sanaan ala hin waaman jechuun manguddoonni dhimma kanarratti hubannoo qaban ibsanii jiru. Madda obbo Qurcaa Ashinee guyyaa (19/08/2012).

## 4.2. Ulaagaa Moggaasa Maqaa Misirroo Ummata Oromoo Arsii

Moggaasa maqaa misirroo yookaan ashoo yoo gaggeessan, ulaagaa mataa isaa qabaachuu mala. Akka manguddoonni himanitti ashoon tun gara maatii kanaatitti yoo dhuftu, haarawa waan taateef, hawwii maatiin gurbaa isi'iif qabuun walqabatee ulaagaan isaan irratti hundaayuun maqaa kana baasanis: inni duraa haala gurbaan maatii san keessatti qabutu murteessaadha jedhu. Kunis, gurbaan fuudhu kun warra isaa kanaaf ka hangafaa yoo ta'e akkuma hangafummaa isaa kanaan idaayyaa tanaafillee maqaan hangafummaa ilaallatu kennamaaf jechuudh. Kana malees fakkoommii maqaa baasuu keessatti ulaagaan kun hawwiifi abdii hawaasa sanii akka ta'e akkasumas immoo foonummaanis akka ulaagaatitti fudhatamee kan ummanni kun ittiin oolaa ture ta'uu isaa manguddoonni ibsanii jiru. Madda obbo Sisaay Faanaa guyyaa (17/08/2012).

### 4.2.1. Maqaa Misirroo Amantiin Walqabatee Moggaafame

**A**kka manguddoon Amiinoo Eda'oo gaafa guyyaa 29/05/2012 af-gaaffii taasifameetiin himanitti ummanni Oromoo Arsii moggaasa kana wayta kennan maqaan idaayyittii tanaaf bayu kun maqaalee kanneen akka: Adabee, Faayee, Qabba nee, Beeytiifi Firdoos faa kanneen jedhaman fa'a baasuun ittiin waamaa ture. Kanuma irraa ka'uun hiikni maqaalee kanniiniis: misirroon tun tan kabaja namaaf kennitu ta'uu, jechoota bareedaan kan qalbii namaa hawattu ta'uu, haala tasgabbii qabuun tan namatti dhiyaattu ta'uu, calaqqeen maqaa kanaa tan beekumsa qabdu, akka amantii musliimaatitti, dubartii waa maraanuu faayamtee jaannata keessatti mul'attutti fakkeeffam jechuun gaafa guyyaa 29/ 8/ 2012 af-gaaffii taasifameen ibsi itti kennameera.

### 4.2.2. Maqaa Misirroo Yeroo Dubartiin Fuudhan Amrii Taate Fuudhan Moggaafamu

Akka manguddoonni ibsanitti Maqaan akka aadaa Oromoo Arsiititti wayta mudoon akkanaa tun nama muudattu moggaafamu kanneen akka: Fayyinee, Gammannee, Obseefi Hireerabbii fa'a jechuun idaayyittii tanaaf maqaa akkanaa baasuuf jechuun ibsaniiru. Maqaalee kanneenittis yeroo durii haalaan ummanni kun itti amanaa turuu isaanii ibsanii jiru. Haaluma kanaan tokkoon tokkoon maqaa as keessatti eeramanii kunniin hiika mataa isaanii kanneen akka: mudoo isaan tuqxe sanirraa fayyuu, rakkoo duraanee san dagachiiftee gammachuutti aansuu, obsa argachuu, hiree gaariin isaan qunnamuufi kanneen kana fakkaatanitti fakkeessuun kan baafamaa ture ta'uu gaafa guyyaa 13/8/ 2012 af-gaaffii taasifameen ibsameera.

### 4.2.3. Maqaa Misirroo Dagaagina Sanyiitiif Moggaafamu

Akka manguddoon Qurcaa Ashinee himanitti ummanni yookaan hawaasni kun aadaafi duudhaa ofii durii kaasee karaa garagaraatiin ibsataa turuun isaa waan wal-nama gaafachiisuu miti jedhu. Akkasumas Oromoon moggaasa maqaa kana keessaan akka fiixaan isaanii dagaagee lafa guutuuf jecha idaayyaa tanaaf maqaa akkasii barbaadanii moggaasuuf jechuun ibsanii jiru. Maqaan yeroo akkasii kana moggaafamanis: Fiixoo, Magartuu, Gaaddisee, Deettuu, Edaatuu, Aanettii, Habaaboo, Gabii, fa'a. Haaluma kanaan, Maqaan **Fiixoo** jedhu dubartiin yookaan idaayyittiin warri kun ilma ufiititti fuudhe tuni horiinsa maatiitiin gurbaa kanaaf hawwii ijoollee baay'ee deettee akka horattuuf maqaa moggaafamu, **Magartuu** maqaan jedhus immoo, maatiin warra intala tana fuudhee kuni tanaan dura horteen isaanii heddummina yoo ka hin-qabne taate, (hortee sanyii qiiqqattuyoo ta'e,) hormaanni isi'ii kuni akka baay'atuuf jecha maatiin kun maqaa akkasii kana filatanii baasuuf, **Gaaddisee** maqaan jedhu kun kan moggaafamuuf micayyoon ilmatti fuudhan tun maatii baay'ee horuudhaan heddummina ijoollee ishiitiin kabaja argachuufi ijoollee sanniininis gaaddisa yookan immoo gurmuu godhachuuf yaada qaban ofii ittiin ibsachuuf kan moggaasan ta'uu isaa aadde Sisaay Nagaasaa guyyaa 19 / 9/ 2012 ibsanii jiru,Maqaan **Deettuu** fi **Edaatu** jedhu kunis, dubartiin tun yookaa immoo idaayyaan tun maatii san keessatti irruma irraan dabalaa, dabalaa hormaata akka baay'iftu maqaa moggaafamu, Maqaan **Aanettii** jedhu kun idaayyaan maatii kanatti makamte tun hoggaa, hoggaan akka walirra, walirraan deettuuf maqaa moggaafamu, **Habaaboo** maqaan jedhamu misirroo yookaan micayyoo fuudhan tanaaf wanti kennamuuf, hormaanni isii baay'atee too akka habaaboon yookaan ilillii birraa sanatti ijoolleen ishiin horte tunniin lafa guuttee akka baay'attu yaada qaban ibsachuuf maqaa kana baasuuf jechuun aadde Zinnaash Jiksaa guyyaa (19 / 9/ 2012) ibsanii jiru, **Gabii** maqaan jedhu kan moggaafamuuf maatiin warra intala tana fuudhee baay'ina ijoollee qaqal'atu yoo ta'e, idaayyittii tanaaf akka sanyiin isaanii kun baay'atuuf jecha maqaa akkasii soqanii baasuuf jechuun aadde Zinnaash Jiksaa (19 / 9 / 2012) af-gaaffii taasifameen ibsanii jiru.

### 4.2.4. Maqaa Misirroo Firummaan Wal-Qabatee Moggaafamu

Manguddoonni yoo himan akka aadaa Oromoo Arsiititti moggaasni maqaa ashoo warra kana dhuftee tun walitti hidhannaa dhiigomaa warra gurbaa kanaan qabaate maatiin kun idaayyittii

tanaa maqaa firummaa agarsiisu baasuufii ni danda'u. Maqaaleen moggaafaman kunniinis: Nafoo, Dhiigoo, Dayee, Waanofii, Aantuu, Dawoofi kanneen kana fakkaatan ta'u.

Maqaaleen tanaa olitti tarreeffaman kunniin ergaan isaan hawaasa kana keessatti qaban idaayyittiin warra kanatti sababa fuudhaa heerumaatiin dhuftee makamte tun warra gurbaa fuudhuu kanaan wajjiin keessattuu gama haadha gurbaatiin foonummaa qabaatti yoo ta'e, hawaasni kun warra mucayyoo kanaan wajjiin firummaa isaanii dacha, dachaan gabbisuuf jechaa maqaalee firummaa agarsiisan kanneen filachuun misirroo tanaaf moggaasu jechuun manguddoonni aadde Shadaa Muhaammadiifi Fooziyaa Yaassiin guyyaa 23 / 9 / 2012 af-gaaffii taasifameen ibsanii jiru. Maqaan **Nafoo** jedhu mucayyoon tun akka qaama nafa isaaniititti kan jaalatamtu ta'uu ittiin ibsatu jechuun aadde Zeynabaa Hajjii guyyaa (21 / 09 / 2012 ibsanii jiru. **Dhiigoo** maqaan jedhu kun immoo mucayyoon fuudhan tun makamni isi'ii kun akka dhiiga qaama isaanii keessaa jaalatanitti kan jaalatan ta'uu ittiin ibsachuuf maqaa baafamuudha jechuun ammas aadde Zeeynabaan ibsanii jiru. **Dayee** maqaan kunis dubartiin takka ilmoo ofii deette takka haala itti qabattu, jaalattu, bakka kennituufi k.k.f. gootuf intala tanaallee akka gootu ittiin ibsachuuf maqaa baafamuu ta'uu aadde Zeeynabaan dabalataan ibsanii jiru. **Waan ofii** maqaan kun mucayyoo fuudhan tanaaf kan moggaafamu firummaa duraan qaban saniin wal-qabsiisuun caalatti jaalalli akka godhamuuf ittiin ibsachuuf kan moggaasan ta'a jechuun aadde Aayyubaa Muhaammad guyyaa (21 / 09 / 2012) ibsanii jiru. **Aantuu** maqaan jedhus mucattiin fuudhan tun isaanirraa firummaan kan hin-fagaanneefi ufirraa kan hin-fageeffanne ofitti aansanii kan jaalatan ta'uu ittiin ibsachuuf kan moggaafamu ta'uu aadde Gannoon dabalataan ibsanii jiru. **Dawoo** maqaan kun mucayyoo tanaaf yoo baafamu hawwiin isaanii kun dallawa isaanii taatee akka isaan mara walitti qabdee horattu fooyinsa tokko malee ija tokkoon isaan tajaajilu isi'ii hawwii qaban ittiin ibsachuuf maqaa moggaafamuudha jechuun aadde Fooziyaa yaassiin guyyaa (23 / 09 / 2012) ibsaniiru.

#### 4.2.5. Maqaa Misirroo Hawwiifi Abdii Garagaraatiif Moggaafamu

Akka manguddoonni himanitti ummanni Oromoo Arsii aadaafi duudhaa isaa keessatti hawwiifi fedhii garagaraa isaa maqaa baasu kana keessaan calaqqisiifataa turuun isaa nibeekama jedhu. Akkasumas fedhiifi hawwiin isaan aadaafi duudhaa ofii keessatti bifa hafuuraatiin taa'ee jiru kun ifatti bahee akka mul'atuuf jecha aadaa fuudhaafi heerumaa kana qabata godhachuun maqaa

hawwiifi abdii isaanii tana mul’isuu danda’u kana misirroo yookaan idaayyittii tanatti moggaasu jedhu. Maqaaleen kunniinis:

| | | |
|---|---|---|
| Jiituu, | Kabaa | Caaltuu |
| | Qananii | Soorettii |
| Badhaatuu, Boontuu, | Hangaatuu, | Roobduu, |
| Hawwii, | Ibsoo, | Gammadduu, |
| Gannoo, | Dharroo, | Jiituu, |
| Toltuu, | Sugee, | Dureettii, |
| Idaayyaa, | Singitan, | Badhaatuu, |
| Kasoo, | Milkoo, | Sabboontuufi |

kanneen kana fakkaatu moggaasu jedhu.

Maqaan **Jiituu** jedhu intala tanaaf kan moggaafamu, hawwiifi fedhiin hawaasni kun qabu, faana isii tanaan akkakka dhugoomuuf jecha idaayyaa tanaaf moggaasu, **Kabaa** jechuun mucayyoon tun waanuma hundaayyuu irra irraan dabalataan waan isiin maatii kanaaf fuul-duratti waan gaarii hundaa akka uwwiftuu qaamaatti maatii itti tuultee agarsiistu hawwii qabaniif kan moggaasan ta’uu isaa aadde Warqituu Bahaaruu 14 / 9 / 2012 ibsanii jiru. **Qananii** maqaan jedhus kan moggaafamuuf, dudduubeen maatii sanii harka qalleessa ta’uun turmaata turan san yeroo intala yookaan idaayyaa tana fuuhan kanatti wanticha keessa turan sana keessaa hawwii jireenya haaraatti bahuu ittiin ibsachuuf moggaafama jechuun aadde Warqituu Bahaaruu 13 / 8 / 2012 ibsanii jiru, **Caaltuu** maqaan jedhu kun intalti ilma isaaniititti fuudhan tun tan ilma quxisuu taatee dubartoota isaan duraan ilmaan ofiititti fuudhan sanniin akka caaltu hawwii qaban ittiin ibsachuuf maqaa moggaafamuudha jechuun Warqituu Bahaaruu guyyaa 14 / 09 / 2012 ibsanii jiru, Maqaan **Soorettii** jedhu kan misirroo tanaaf ba’uuf warri gurbaa ofiititti fuudu kun ilma quxisuudhaa kana irratti hundaa’uun fuul-duratti isaan humnaan dadhabaatii waan deemaniif dhalli ishiitis ta’ee ishiinis horannaa maatii keessatti gahee isheen qabdu hawwii qaban ittiin mul’ifachuuf maqaa moggaafamu jechuun aadde Warqittuun gaafa guyyaa 14 / 09 / 2012

ibsaniiru. **Boontuu** maqaan jedhu immoo, idayyittiin gara maatii kanaatitti dhuftee makamtu tuni hawwii isaan boontee, nuboonsiti jechuun aadaa tana keessatti abdatan san akka isiin guuttuuf jecha maqaa kana soqanii baasuuf, **Badhaatuu** maqaan jedhu hawwiifi fedhii hawaasni kun diinagdee ilaalchisee qabu faana misirroo tanaa keessaan akka argachuu danda'an maqaa isii kana Badhaatuu jechuun moggaasuuf, Maqaan **Hawwii** jedhu kun kan moggaafamuuf fedhiifi hawwii sammuu maatii warra gurbaa san keessa ture moggaasa maqaa idaayyittii kana kana keessaan dhugoomsachuuf jecha maqaa kana baasuuf, **Gannoo** maqaan jedhu kunis idaayyittiin tun ganna nutti fiddee dhufti abdii jedhu sanirraa ka'uun maatiin gurbaa kun intala tanaaf maqaa akkasii moggaasaaf, Maqaan **Toltuu** jedhu kun moggaasa maqaa hawwii aadaafi safuu hawaasaa keessatti mul'atuun haguuggachuufi ta nama saalfattu ta'uu isi'iitiin wal-qabsiisee maatiin idaayyittii tanaaf baasan jechuun aadde Faanosee Kataboo (23 / 09 / 2012) ibsaniiru.

**Hangaatuu** maqaan jedhu duudhaafi safuu hawaasa Oromoo keessatti mul'ata hawwiifi abdii maatii sanaa faanommii dhugoomsuu danda'uu misirroo tanaatiin wal-qabsiisuun maqaa moggaafamu, Ibsoo maqaan jedhu kuni immoo maatii warra gurbaa san keessa tanaan dura wanta mul'achuu dhabanirratti hundaayuun milkii idaayyittii tanaatiin wanticha dhugoomsachuuf maqaa misirroo moggaafamu, **Singitan** maqaan jedhu kun maatii warra gurbaa fuudhee kana keessatti wanti mul'ataa ture, hagas mara kan wanti irraa eeggatan guuttamuufii dhabde taatee keessatti mul'ataa turte san ittiin guuttachuuf jecha intala tanaaf maqaa akkasii baasuuf, **Sugee** maqaan jedhu maatiin gurbaa idaayyaa tanaan dura ilma ofiititti fuudhanii turan sana irraa wanti dhaban tokko yoo jiraate idaayyittii amma ilma ofiititti fuudhan tanaan fedhiifi hawwii isaanii san argachuuf jecha maqaa suga yookaan olkaayattuu akkasumas kan waa harka isiitii hin dhabamne ergaa jedhu kan of-keessaa qabu kana moggaasuuf, **Dharroo / Dharraa /** maqaan jedhus kan moggaafamuuf, ammas maatii kana keessatti wanti duraan hin-mul'atin wanti haaraan, keessattuu mucaan fuudhu kun hangafa warra sanii yoo ta'e, dharraanee itti bane ergaa jedhu qaba. Yoo intalti duraa ilmaa isaanii ka biraatitti fuudhan gabaabdu faa taate ta amma fuudhan tun immoo dheertuu yoo taate maqaa akkasii moggaasuuf jechuun aadde Dirribuwaa Gammadaa (25 / 09 / 2012) ibsanii jiru,

**Roobduu** maqaan jedhu kan moggaafamu, aadaa hawaasa saniitiin wal-qabatee guyyaa idaayyittii tana fuudhanii galan san waaqni dirsaa yoo robe ta'e intala tana faanti issii rooba jechuun misirroo tanaaf maqaa kana moggaasuuf, **Gammadduu** maqaan jedhu kun intalti

fuudhan tun fuula isii irraa gammachuun mul'atu sun hawwii gammachuu maatiin kun fedhuu san guutuu nidanda'a abdii jedhuun maqaa kana moggaasuuf, **Idaayyaa** maqaan jedhu kan moggaafamu, akka aadaafi safuu hawaasa Oromoo keessatti mul'ataa turteen intalti takka duudhaafi safuu hawaasa sanii eegdee mul'atti taanaan moggaasni kennamuuf jecha idaayyaa jedhu kana jechuudha. Sababni isaa mataa gadi laafuun intala sanii eeginsa safuu hawaasa sanii mul'isa abdii jedhuun maqaa kana moggaasuuf, **Kasoo** maqaan jedhu kuni idaayyittiin fuudhan tuni amalaan fayyaalettii akkasumas warraan waliin waltaatee ta bultu fedhiifi hawwii maatiin qabu waliin wal-qabatee maqaa moggaafamu ta'uu aadde Dirribuwaa Gammadaa (25 / 09 / 2012) ibsaniiru. **Dureettii** maqaan jedhu guyyaa cidhaa sanirraa ka'uun maqaa kennamu yoo ta'u, kunis kennaa warri mucayyoo intala ofiitii kennaniinis wal-qabatee warri gurbaa maqaa kana nimoggaasa, dabalataan maatiin gurbaa sun kurfii cidhaatiifi gabbara warra isiitiif kennaniin wal-qabatee sila hiyyummaatti aanuu hinoollu jedhanii yaadda'an saniin wal-bira qabanii yoo ilaalan wanti maatiin mucayyoo intala ofiitiif godhan sun moggaasa maqaa amma isaan idaayyaa tanaaf baasan kun ni ibsa, nu duroomsite abdii jedhuuf moggaafama, Maqaan **Badhaatuu** jedhus akkuma kana maatiin gurbaa kurfii cidhaatiin, haala qilleensa guyyaa saniitiin, haala keessummeessaatiinifi kennaa warri intalaa kennaniin wal-qabsiisee maqaa moggaafamu, Maqaan **Milkoo** jedhu kunis, guyyaa ilaallachuu intala tanaatirraa eegalee maatiin gurbaa kun adeemsa keessa ce'aatii dhufe sana tilmaama keessa galchuun idaayyittii tana milkiin isii jalqabarraa qajeelaa ta'uu isaa ittiin ibsachuuf maqaa moggaafamu, **Sabboontuu** maqaan jedhu kunis ummanni Oromoo aadaa, duudhaafi safuu mataa isaa eeggachuu keessatti kan itti qixxaatu hinjiru. Kanaaf intalti isaan ilma ofiititti fuudhan tun, haala uffannaatiin, haala naamusaatiin, haala dhiyaannaatiinifi kanneen kana fakkaataniin wal- qabsiisuun kan moggaafamu ta'uu aadde Zeeynabaa Hajjii 30 / 8 / 2012 yaada isaanii ibsanii jiru.

Walumaagalatti moggaasni maqaalee kunniin hawaasa kana keessatti yeroo dheeraan dura tajaajilaafi hiika ofii waliin safuufi duudhaa ummatichaa ibsaa kan ture ta'us yeroo ammaa kana immoo haalli kun namoota muraasa biratti sadarkaa beekumsaa irra darbee hawaasa keessatti tajaajila kennaa akka hin-jirreefi maqaalee kanniiniinis namni yeroo ammaa kana ittiin waamamu muraasa ta'uu isaa ibsaniiru. Akkasumas umriin qaamota maqqaan armaan olii moggaafameefii kunniin waggaa 29- 78 keessatti warra argaman ta'uufi barri isaatis 1960-1985 keessa akka ta'e odeeffannoofi af-gaaffii taasifame irraa hubatamee jira. Kana malees haala qabatama mataduree kiyyaa irraa ka'uun moggaasni maqaa kun kan misirroo isii dubartii gara

warra gurbaatitti dhufuun makamtuu yoo ta'u saalli warra maqaan isaanii tanaa olitti tarreeffamee kunniin hundinuu dubartoota kan ta'an ta'uu isaa agarsiisa.


## 4.3. Guyyaa Moggaasa Maqaa Misirroo (Yoomessa)

Haala adeemsa aadaa Oromoo Arsii Bulchiinsa Magaalaa Asallaatitti guyyaan moggaasa maqaa misirroo kun dhaamsa abbaan mucayyoo guyyaa cidhaa dhaamatu ka'umsa godhachuun kan gaggeeffamu yoo ta'u, dhaamsi kunis "Intala tana alaalli teetii lafeen tiyya "kan jedhu yoo ta'u, ergaan dhaamsa kanaa mucayyoo tana erga sitti heerumsiiseen booda, miidhaan qaamaafi lubbuu, ijaa, ilkaanii, yoo irra gahe abbaan dhalfate kun gumaan akka gaafatu mul'isa. Guyyaa kana osoo gara moggaasaatitti hin-seenin dura gosa fuudhaafi heerumaa kan Oromoo Arsii ilaaluun barbaachisaadha. Kunis, gosni fuudhaa heeruma Oromoo Arsii hedduudha. Isaan keessaa, muraasni iaanii: fuudhaa heeruma gabbaraa, wal-garaa, dhaalaa, buttaa, aseennaafi k.k.f.tu naannawa kanatti beekama. Kanneen tarreeffaman kana keessaa immoo, kan mataduree qorannoo kanaa wajjiin wal-qabatu, sirna fuudhaa heeruma gabbaraan gaggeeffamu kana waan ta'eef, ka'umsi guyyaa moggaasa maqaa misirroo kun guyyaa cidhaa dhaamsa abbaan intalaa warra gurbaatitti dhaamate saniin wal-qabatee deema. Dhaamsi dabalataa abbaan isi'ii kun "Ani gosa akkanaatiin hooda gosa kana naaf kabaji, isinis naaf kabajju"jechuun gosaafi warra gurbaatitti dhaamate kanarraa ku'uun sirni dhoofsisaa erga xumuramee booda laguu haadhaa abbaa gurbaa tanaa olitti ibsame saniin wal-qabsiisuun moggaasni maqaa misirroo kun barii cidhaa kana irraatti gaggeeffama jechuun odeef-kennitoonni obbo Hajjii Kaawoofi Huseen Badhaasoo (20/08/2012) ibsanii jiru. Moggaasa kennameef kanaan alas hin-waaman sababni isaa laguu haadhaafi abbaa gurbaa irratti wanta himame san waliin walitti hidhata cimaa aadaa, duudhaafi safuu waan qabuuf ni safeeffatama jechuun ibsanii jiru. Safuun aadaa Oromoo sirna fuudhaafi heerumaa keessatti waan hawaasni kun jaalatuufi jibbu of- jalatti eeggachaa kan deemuu qabdu ta'uu himanii jiru. Kunis intala takka wayta fuudhan hidda latiinsa gosaafi warraa eeggachuunis moggaasa kanaan akka wal-qabatu akka armaan gadii kanatti kaayamee jira.

Haaluma tanaa olitti ibsameen idaayyittiin tun, gurbaan jaarsaa jechuun Gammachuun ilma Eda'ootirraa ilma ofiititti intala hin-fuudhu jechuudha. Sababni isaa Oromoo biratti safuu waan ta'eef jechuudha.Kanumaaan wal -qabatee ilmi Oromoo tokko wayta niitii fuudhu gosa isi'ii, warra isi'iitiifi k.k.f. qorachuun fuudhuun wal-qabatee moggaasni misirroo guyyaa kana

gaggeeffama jechuudha. Akka fakkeenyaatitti yoo fudhanne gosa dhaloota Oromoo Arsi'ii tanaa gadii irraa hubachuun ni danda'ama.

Caatoo Hidda Latiinnsa Oromoo Arsii




**Madda Huseen Badhaasoo (2000)**

Haaluma tanaa olitti ibsamaa ture kanaan fuudhaafi heeruma raawwatamu keessatti moggaasni maqaa misirroo kunis gosaafi warroommii eeggachuun akkuma fuuti raawwatamtu, moggaasni kunis bifuma kanaan walqabatee kan gaggeeffamu ta'uun ibsamee jira.

Haa ta'u malee aadaafi duudhaan durii hawaasni kun ittiin oolaatii ture yeroo ammaa kana ammayyummaadhaan wal-makee aadaan Oromoo kaleessa turte jijjiiramtee guyyaan dhoofsisaa kunis akka durii ta'uun isaa haala jijjiirratee kadhaa wal-dorgommii warri jaaltotaa dhoofsisa kanarratti gosa jaalticha ebaluuttu caalaa dhoofsise jechuun gaggeeffamu irratti kan caalmaa walii isaanii itti agarsiifatan ta'uun sagantaa guyyaa guutuu ta'ee mul'ata. Moggaasni kuni immoo yeroo kana keessatti danqamuun waytii dhoofsisaa kana booda nyaatanii dhuganii addaan galuu malee waayee maqaa baasuu qaamni tokkolee kan hin-yaadanne ta'uu daawwannaa gaggeeffameen hubachuun danda'ameera.

Walumaagalatti yoomessi yookaan guyyaan moggaasni maqaa misirroo kun itti raawwatamu guyyaa fuudhanii galan bariisaa mana warra gurbaa fuudhee galee kanatti raawwatamuu isaa ragaan dhiyaate ni mul'isa.

## 4.4. Ergaa Moggaasa Maqaa Misirroo Ummata Oromoo Arsii

Moggaasni maqaa misirroo kun ergaan inni hawaasa oromoo biratti qabu, ummanni oromoo fuudhaafi heeruma sirna qabeessaa keessatti fuudhaafi heeruma raawwatu kana keessaan jaalala gosa lamaanii yookaan immoo warra fuudhuufi heerumsiisu jidduutti guddisuu, mucayyoo / idaayyittii /fuudhanii galaniin tanas akka ijoollee ofiitiin adda baasanii hinilaalle haala haadhaafi abbummaa ibsuun kalaayuu, isilleen soddaafi soddaatiinis aayya, aabba jettee waamuun jaalala itti horuun irra caalaatti jaalalti maatii kanniin jidduutti akka cimaa deemu taasisuun hawaasa Oromoo keessatti ergaa cimaa dabarsaa ture.Ergaan inni qabu kunis, maatii kana keessatti hooda, uumaa aadaa Oromoo, kabajaafi k.k.f. dabarsiti. Fakkeenyaaf, intalti yookaan misirroo sababa fuudhaa heerumaatiin maatii kanatti makamte tun haadhaafi abbaa gurbaatiif wayyu'u. kana jechuun wayta waliin haasayanillee daandii safuu kana hincabsineen waliin dubbatu jechuudha.Fakkeenya kanaa, mucayyoon fuudhan tun guyyaa laguu sanirratti cimina aadaafi safuu kana agarsiisuuf gadi aantii, isii qofa manatti dhiisanii warri sun yoo imala deemanis dallaa san keessatti kan hafan isiifi saree warri guddifate qofa yoo ta'u, sareen kun akka tasaa mana san ol seenee yoo argame, saree kanaan badi saree jettee hin ariitu. Asirratti wanti jettu, “Gadi dacha'aa isinii eegee yuubbanii “jechuun manaa baafti.” Sababni akkas jettuufis aadaan arsii duudhaafi adeemsa mataa isaa waan qabuuf aadaafi duudhaa tana jabeeffachuufi safuu hawaasni kuni bulfate tanas isinillee fudhattee hojiirra oolchuun dirqama hawaasa sanii fudhattee ittiin ooluuf isii gargaara”. Haluma kanaan isiinis waan hawaasni kuni jibbuufi safeeffatu akkasumas

waan isaan jaallatanis wajjiin jaalachuun ergaa aadaa hawaasa kanaa mirkaneessa jechuun ibsanii jiru. Maddi isaa obbo Qaasim Raaboofi obbo Amiinoo Eda'oo miseensa abbaa gadaa bulchiinsa magaalaa Asallaa irraa kan odeeffatame.

## 4.5. Haala Moggaasni Maqaa Misirroo Ummata Oromoo Arsii Yeroo Ammaa Irra Jiru

Gaaffii haalli moggaasni maqaa misirroo yeroo ammaa irra jiru maal fakkaata? Jedhuuf- Haalli moggaasa maqaa misirroo yeroo durii duudhaafi safuu isaa eeggachuun yemmuu tajaajilu, Oromoon aadaa isaa bareedaa fi ulfina qabu san idaayyaa ofii barsiisaafi seera qabsiisaa ture. Haalli itti barsiifataafi aadaa isaa durii itti quba qabsiifataa turan kunis safuu tau'uu isaa misirroo tanatti himaa kan turan ta'uu isaanii odeef-kennitoonni ragaa tokkoffaa lafa kaayanii jiru. Haa ta'u malee amma, ammaa kana garuu akka naannawa keennaatti wanti irra jiru baay'ee rakkisaadha jechuun ni danda'ama. Kunis akka yeroo durii sanitti aadaafi safuu isaa eeggatee deemaa jira jechuun nama rakkisa. Ibsuma manguddoonni kennanirraa ka'uun osoo hawaasni kuni duudhaafi safuu ofii isaatii ittiin hoogganamaa ture sana ammaan tana harkaa qabaatee ijoollee lafaa dhufaa kanneen akka isaanis ittiin hoogganamaniif barsiifata ta'ee, haaluma durii saniin aadaa tana gabbattuu taatee, kabajaa ofiis qabattee mul'achuu ni dandeetti ture. Gaaffii waa'ee moggaasaa kana dhaloonni ammaa haala kamiin ilaalaa jira? Jechuun dhiyaateef qaamonni odeeffannoo kennan akka armaan gadii kanatti ibsu. Yeroo as aanaa kana keessatti qoroomina itti fakkaatee dhaloonni ammaa kun haala ammaayyummaa kanaa wajjiin walitti madaquun fedha maatii lamaaniitiin alatti mucaafi mucayyoolleen waliigaluun fuudhaa heeruma raawwatamaa jiru kanatti irkifachuun aadaan tun heddu laafaafi hanqataa dhufuu isi'iitiin wanti yeroo kana keessatti mul'atu gama kanaan homaa waan hingammachiifne ta'uu moggaasa kanaa obbo Ahmad Dureessaa (8 / 07 / 2012) ibsanii jiru. Haaluma walfakkaatuun manguddoon Ahmad Galatoollee aadaan sun safuu qabdi turte, ulfinnallee ufkeessaa qabdi turte. Haata'u malee yeroo ammaa tana wanti akkasii kun baay'ee hawaasa kana keessatti morma olfudhattee hinmul'attu jedhu. Dabalataan obbo Amiinoo Eda'oo (8 / 07 / 2012) aadaan moggaasa maqaa ashsoo tun waan dur keessa quba qabnu malee ammaan tana harkaa qabna jennee dubbachuun waan fakkaatuu miti jechuun ibsanii jiru.Ammas haaluma manguddoonni tanaa olitti hirmaatan himaniin aadaan moggaasaa kun hammayyummaa keessatti liqimfamtee sammuu dargaggeesa ammaa kana keessaa gonkumaa haqamtee akka jirtuufii safuun hawaasa kanaallee hir'ataa akka

jiru ibsa raga kennittoonni kennanirraa hubachuun danda'amee jira. Haaluma walfakkaatuun ( 08/ 07/ 2012 )Obbo Haajii Hasoonis aadaan miidhaagduun ulfinaafi safuu ummataa ibsitu tun laafuun isi'ii kun kufaa deemuun duudhaa oromtichaa keessatti harka galfattee mul'atti jechuun ibsanii jiru. Deebii isaan kennan irratti hundaa'uun, aadaa tana qaamni laafise eennu isinitti fakkaata? Jechuun gaaffii dabalataa dhiyaateef akkas jechuun ibsaniiru. Amma kana sani jedhanii walitti quba qabuun aadaa laafte tana deebisuun hindanda'amu. Haata'uu garuu safuufi duudhaa ofii duuyda duubaa daddabarsaa warri turan qaama itti aanutti ceesisanii darbuun isaanii akkuma jirutti ta'ee, warri nu duraa hanga tokko quba yoo nu qabsiisan nuti immoo caalaatti dhaloota itti aanu haalaan quba qabsiisuu dhabuun duudhaa tana laaffisuun ifa waan ta'eef gamuma keennaan kan laafe ta'uun isaa ifa akka ta'eefi amantaanis haala moggaasaa kana deeggaruu dhabuun rakkisaa ta'uu isaa ibsanii jiru.

# BOQONNAA SHAN

# CUUNFAAFI ARGANNOO

## 5.1. CUUNFAA

Qorannoon kun qaaccessa moggaasa maqaa misirroo irratti kan adeemsifame yoo ta'u, qorannoo kana daangessuufi qabatama taasisuun barbaachisaa waan ta'eef qorattuun haala qabatama Bulchiinsa Magaalaa Asallaa irratti xiyyeeffachuun qorattee dhiyeessitee jirti. Qorannoon kunis "Qaaccessa Moggaasa Maqaa Misirroo Bulchiinsa Magaalaa Asallaa" mataduree jedhu irratti kan hundaaye yoo ta'u, Moggaasni dhugaa kun waan irratti hundaayee moggaafamu adda baasuuf odeeffannoo manguddootaafi namoota hubannoo mataduree kanarratti qaban irraa funaanname qaaccessuun hiikni itti kennamee jira.Haaluma kanaan odeeffannoon haala itti hiikamaniifi qaacceffaman boonnaa 4ffaa keessatti tokko tokkoon lafa kaayamee jira.

Qorattuun qorannoo kana wayta adeemsiftu, mala qorannoo kana galmaan gayuuf dhimma itti bahamu keessaa mala ' Akkamtaa' jedhamu kan fayyadamte yoo tayu, iddattoo filachuu irratti gosa iddattoo miti carraa keessaa iddatteessuu ' Akkaayyoo ' gargaaramuun manguddootaafi namoota hubannoo dhimma kanarratti qaban kanneen naannoo san jiraatan moggaasa maqaa misirroo irratti odeeffannoo naaf kennuu danda'an jettee itti amante Waajjira Aadaafi Turizimii wajjiin ta'uun filachuun karaa af-gaaffiifi marii-garee xiyyeeffannoo gaaffii gara qorattuutiin erga dhiyaatee booda deebii manguddootaafi namoonni hubannoo qaban kennanirratti hundaa'uun akkasumas daawwannaan ragaa argameen dhiyaatee jira. Haaluma kanaan aadaa hawaasichi qabu keessaa tokko aadaa moggaasa maqaa misirroo akka ta'e hubatamee jira.

Kana malees Moggaasa Maqaa Misirroo keessatti qooda fudhattooni eenyu faa akka ta'aniifi bu'uurri moggaasa maqaa maal faa akka ta'an qaacceeffamanii dhiyaatanii jiru. Ragaan manguddoota, namoota hubannoo qabaniifi Waajjira Aadaafi Turizimii Bulchiinsa Magaalaa Asallaafi Godina Arsii bifa viidiyoofi suuraan waraabamee hiikkameera. Haaluma kanaan moggaasni maqaa misirroo, amantiin, moggaasa yeroo dubartiin fuudhan amrii taatun, dagaagina sanyiitiin, firummaan, hawwiifi abdii garagaraatiin kan moggaasaa turan ta'uu adda bayee jira.Walumaa galatti hawaaasa Oromoo Arsii Bulchiinsa Magaalaa Asallaa biratti moggaasni maqaa misirroo kun ittiin waamamuu qofa osoo hin-taane, aadaa, duudhaa, seenaafi wantoota

biraa hawaasa sanii kan ibsu waan ta’eef jajjabeeffamuu, xiyyeeffatamuufi eeggamuu akka qabu qorannoon kun mul’isee jira.

## 5.2. Argannoo

Odeeffannoo manguddootaafi namoota hubannoo qaban irraa walitti qabame hiikni itti kennamee jira. Hiikni ragaalee kunis qaacceffamee kaayyoo qorannichaa irratti hundaa’uun yaada guduunfaa irra gahee jira. qorannoo kana keessatti akka argannoo qorannichaatitti akka taa’u ta’ee jira. Haaluma kanaan qaaccessuun hiikni qorannoo kanaa qabxiiwwan tanaa gadii kanaan ifa ta’anii jiru.

- ✓ Hiika moggaasa maqaa misirroo Bulchiinsa Magaalaa Asallaa keessaa jiran adda baasee mul’isee jira.
- ✓ Walitti dhufeenya aadaa, afaan, duuhaa, seenaa, amantaafi moggaasni hawaasa waliin qaban agarsiiseen jira.
- ✓ Dhiibbaan sirnoota darban Minilikii kaasee hawaasa Oromoo irratti gama moggaasa maqaatiin dhufan, aadaa, duudhaafi afaanirratti baay’inaan akka raawwatamaniifi hawaasni kun kan isaa dagatee akka kan biraa dhaaluuf dirqamuun isaa hubatamee jira.
- ✓ Moggaasni maqaa misirroo kallattii adda addaatiin hawaasa kana kan ibsu ta’us qorattuun yeroo ragaa funaannattu, hubannoo waa’ee kanaa kan qaban namoota muraasa akka ta’aniifi inumaa dagatamaa dhufuun badiinsaaf kan saaxilamaa jiru ta’uu hubattee jirti. Kuni immoo dhaloonni ammaa moggaasa maqaa misirroo akka hubatu barreeffamaan kaayuun barbaachisaa ta’uu isaa mul’isee jira.
- ✓ Bu’uurri moggaasa maqaa misirroo, Amantiin, qunnama du’aatiin, dagaagina sanyiitii, firummaan, Abdiifi Hawwii hawaasaatiin ta’uu agarsiisee jira.
- ✓ Moggaasnillee akkuma barreeffamaa aadaa, duudhaa, seenaa, amantaa, hidda latiinsaafi k.k.f. kan mul’isu ta’uun hubatamee jira.
- ✓ Maqaaleen tanaa olitti tarreeffamuun qaacceffaman kunniin kan warra duraanii keessatti moggaafaman malee yeroo ammaa kan keessa kan hin-jirre ta’uu hubatamee jira.

## 5.3. Yaboo

Qorannoo kana keessatti qaaccessi moggaasa maqaa misirroo Bulchiinsa Magaalaa Asallaa irratti gaggeeffame dhuma irratti cuunfamee taa'ee jira. Bu'uuruma xiinxala kanaatiin moggaasni maqaa misirroo magaalichaa akkaataa itti raawwatu, bu'uuri moggaasa maqaa maal faa akka ta'an, moggaasa maqaa kana keessatti eenyu akka qooda fudhatufi dhiibbaan sirnoota darban keessa irra gahe argannoo qorannoo kanaa keessatti caqafamanii jiru.

Kaayyoo qorannoo aadaa gaggeeffaman keessaa tokko hanqinna yookaan immoo rakkoo arguufi rakkoo mul'ate saniif waan akka argannootitti bira gahame san ifatti baassuudha. Haaluma kanaan qabxiiwwan akka argannoo qorannichaatitti bira gahaman akka armaan gadiititti tarreeffamanii jiru.

- Hiikni moggaasa maqaa misirroo adda bahee qorannoo kana keessatti beekamullee, hawaasa biratti hiikni kun maqaa ta'ee ittiin waamamuun ala mul'istuu eenyummaa aadaa saba isaa ta'uu hubatee ofitti fudhachuun kunuunfataa hin-jiru. Kanaafuu hawaasa kana aadaa kana hubachiisuun akka cimsee qabachuu danda'uuf qaamni hubannaa qabu hundi carraa argame hundaanuu waltajjiis ta'ee bifa barreeffamaatiins hawaasa kana barsiisuu keessatti gahee isaa osoo bahee gaarii ta'a.
- Walitti dhufeenyi aadaa, duudhaa, afaan, seenaa,amantaafi moggaasni qabu akkuma jirutti ta'ee, aadaa moggaasa maqaa misirroo irratti dhiibbaan amantiin fidu gahee guddaa qabaachuun isaa hawaasa odeeffannoo kennanirraa waan hubatameef, carraa argamu hundattuu dhimma bahuun amantaafi aadaan garaagara ta'uu qaamni dhimmi kuni ilaalu hundinuu barumsa osoo dabarsee mishaadha.
- Dhiibbaa sirnoota darban keessa gama adda addaatii ummata Oromoo irra gahe kana qaamni hubannoo qabu aadaafi duudhaa isaa kana ummanni kun akka hubatu jajjabeessee dhaloota haarawaaf akka dhaalchisu osoo ta'ee bu'aan isaa olaanaa ta'uu danda'a.
- Waa'ee moggaasaa kana hawaasni akka habatuuf waajjirri aadaafi turizimii, manneen barnootaa gumii dagaagina afaaniifi aadaa dhaabuun aadaan kun hawaasa keessatti akka deebi'ee lubbuu horatu, dhaabbileen barnoota olaanoo qo'annoofi qorannoo gaggeessun hawaasaaf barumsa osoo dabarsanii gaariidha.

- Bu’uura moggaasni maqaa misirroo kun bulchiinsa kana keessatti qabu waajjirri aadaafi turizimii godinaafi Bulchiinsa magaalichaa qaama dhimmi ilaalu waliin ta’uun bifa barreeffamaatiin walitti qabamee akka dhaloota haaraa bira gahu osoo ta’ee mishaadha.

# WABIILEE


Abdullaziiz habiib (2016 ), "Qaaccessa hojiilee sheekbakrii saaphaloo: godina harargee bahaa aanaa gooroo guutuu" waraqaa qorannoo digrii lammaffaa guuttachuuf dhiyaate. Finfinnee.

Abdulsamad. (1994). Seerluga Afaan Oromoo. Finfinnee: Bole Printing.

Addunyaa Barkeessaa .(2010). Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee:

Berg. B. L. Plc. (2001). Qualitative Research Meta hods for social sciences (4thed). Boston: Allyn and Bacon.

Cristal D. (1989). The Cambridge Encyclopedia of Language. Cambridge: Cambridge University Press.

Dastaa Dassaaleny. (2013). Bu'uura Qorannoo. (Maxxansa 2ffaa), Far East Trading PLC.

David E. Gray. (2004). Doing research in the real world. London: SAGE. Publications Ltd.

Dunkling (1977). First Names First. London: M. Den tand sons Ltd.

Eddy, B. (2005). New Encyclopedia Britanica. Vol. 24 (13th ed.) U.S.A: Encyclopedia Britanica INC

Geetaachoo Rabbirraa. (2006). "Furtuu. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansa Kuraazii.

Great Soviet Encyclopedia (1976 Vol.24) Moscow: Sovetseia Entscyclopedia Publishing house.

Huseen Badhaasoo. (2000). Seera Fuudhaafi Heeruma Oromoo Arsii. Finfinnee.

Intarneetii.Orit The fitret

Jane. B. (2003). Evaluating non randomized intervention studies. Health technolojy: Vol: 7: No 27. Retrieved from (http:/ / w w w. hta. Ac. uk Cambridge University Press.

Marsanii Bobbaasaa. (2008). Duudhaa. Barruulee Ayyaana Irreechaa. Finfinnee D.G. Printing Enterprise.

Mega Printing PLC

Moriarty. S. (2011). Qualitative Research Method over view London.

Nicholas William (2006), Social Research Methods. London: SAGE publications Ltd.

Sarantacos. S. (2005). Social research. Beijing Palgrave Macmillan Ltd.

Seeyfuu Tsaggaayee. (2008), “Xiinxala Moggaasa Maqaa Daa’immaniifi Bakkeewwanii Aanaa Walisoo “Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa GuuttachuufDhiyaate. Fifinnee.

Shifarraaw Kabbadaa (2008), “XiinxALA Sirna Moggaasa Maqaa Oromoo Gujii “Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Dhiyaate. Finfinnee.

Smith, E. (1967). Treaury of Name Lore. New York: Harber and Raw Publishers.

Stewart, G. (1967). Name of the Land. A historica Account Place naming in the United States Boston: Houston Milton Company.

Wikipidia https:// en.m. Wikipidia.org> Naming.

# DABALEEWWAN

**Dabalee A** Gaaffilee af-gaaffii Manguddootaafi Namoota Hubannoo qban Bulchiinsa Magaalaa Asallaatiif dhiyaate.Gaaffilee af-gaaffii Manguddootaafi Namoota Hubannoo qban Bulchiinsa Magaalaa Asallaatiif dhiyaate.

Gaaffiilee af-gaaffii Manguddoota Bulchiinsa Magaalaa Asallaatiif dhiyaatu.

**Kolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanotaa, Jornaalizimiifi Qunnamtii Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Hubachiisa**

Kaayyoon gaaffilee kanaa Yuunivarsiitii Finfinnee sagantaa barnoota digirii lammaffaatti qorannoo **"Qaaccessa Moggaasa Maqaa Misirroo Bulchiinsa Magaalaa Asallaa irratti xiyyeeffate "**jedhu qofaaf kan oolu ta'a.

**Qajeelfama**

Gaaffiilee Armaan Gadii Haala Qabatama Bulchiinsa mMgaalaa Asallaa keessa tureefi muuxannoo keessan itti dabaluun akka naa deebiftan kabajaan isin gaafadha.

1. Akaakuun moggaasa maqaa misirroo meeqa?
2. Maqaaleen kunniin maal faadha?
3. Hiikni moggaasa maqaa kanneenii maal faadha?
4. Moggaasni maqaa kun ergaa akkamii dabarsa?
5. Moggaasni maqaa misirroo kun maal bu'uureffatee kennama?
6. Mogaasa maqaa misirroo kana keessatti eenyu fa'atu qooda fudhata?
7. Moggaasni maqaa misirroo kun yoom gaggeeffama?

**Dabalee B** Gaaffilee Marii Gareetiif Mnguddootaafi Namoota Hubannoo qaban Bulchiinsa Magaalaa Asallaatiif dhiyaatu.

Gaaffiilee Marii Gareetiif Manguddoota Bulchiinsa Magaalaa Asallaatiif dhiyaate.

**Kolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanotaa, Jornaaliziimiifi Qunnamtii, Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Hubachiisa**

Kaayyyon  gaaffilee kanaa Yuunivarsiitii Fifinnee sagantaa barnoota digirii lammaffaatti qorannoo **"Qaaccessa Moggaasa Maqaa Misirroo Bulchiinsa Magaalaa Asallaa irratti xiyyeeffate "**jedhu qofaaf kan oolu ta'a.

**Qajeelfama**

Gaaffiilee  armaan gadii haala qabatama Bulchiinsa magaalaa kana keessa tureefi muuxannoo keessan itti dabaluudhaan akka naa deebiftan kabajaadhaan isin gaafadha.

**1.** Faayidaa moggaasni maqaa misirroo ummata Oromoo Arsii biratti qabu eenyutu naa ibsa?
2. Haala moggaasni maqaa misrroo amma irra jiru eenyutu naa ibsa?
3. Moggaasni kun yeroo akkamii gaggeeffamaa?
4. Ergaa moggaasni maqaa misirroo qabu eenyutu natti hima?
5. Haala moggaasni maqaa misirroo amma irra gahe kanaaf furmaanni maali jettu?
6. Moggaasa maqaa misirroo keessatti eenyu fa'atu akka qooda fudhatu natti himuu dandeessuu?

**Dabalee C** Cheekliistii daawwannaa

| **T.L.** | **Cheekliistii daawwannaaf qophaa'e** | **Deebii kenname** |
|---|---|---|
| 1. | Adeemsi kun maal jedhama? | Dhoofsisa jedhama. |
| 2. | Adeemsa kanatti aanee maaltu raawwatama? | Nyaataa dhugii. |
| 3. | Magaalaa kana keessatti moggaasni maqaa hin-beekkamuu? | Kuni kan yeroo durii Beekamu malee Yeroo kana keessa Akka fedha Abbaati. |
| 4. | Jiruufi jireenyi ummata magaalaa kanaa maalirratti hundaa'a? | Qonna, daldala, Hojii mootummaa Fa'a. |

**Dabalee D** Manguddoota Marii Garee Xiyyeeffannoo irratti hirmaatan

| T. L. | Maqaa guutuu | Umrii | Saala | Sad. Barnootaa | Ganda | Guyyaa | Hojii | Yaada kenname |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | obbo Ahmad Dureessaa | 65 | Dhiira | Digirii | Burqituu | 27/05/12 | Soorama | Maalummaa moggaasa maqaa irratti |
| 2. | Obbo Qaasim Raaboo | 62 | dhiira | --- | Dooshaa | 18 /9/12 | Abbaa Gadaa B.M.A. Soorama | Faayidaa moggaasa maqaa irratti |
| 3. | O bbo Amiinoo Eda'oo | 63 | Dhiira | Dig. | Araadaa | 29/05/12 | | Moggaasaafi aadaa Irratti. |
| 4. | Obbo Ahmad Galatoo | 37 | Dhiira | ---- | Cilaalo | 29/05/12 | . Q/bulaa | Walitti dhufeenya Aadaafi hawaasaa Irratti. |
| 5. | Obbo Hajjii Bunee | 43 | Dhiira | Dip. | Wal-keessaa | 18/08/12 | H/mootummaa | Ulaagaa moggaa Sa maqaa irrat |
| 6. | bbo Aabbuu Bariisoo | 41 | Dhiira | Dig. | Wal-keessaa | 10/10/12 | H/mootummaa | Bu'uura Moggaasa Maqaa Irratti. |
| 7. | Obbo Qurcaa Ashinee | 37 | Dhiira | Dig. | Wal-keessaa | 19/08/12 | H/mootummaa | Haala gaggeeffama moggaasa maqaa irratti |
| 8. | Obbo Hajjii Kaawoo | 62 | Dhiira | Dig. | Buusata | 20/08/12 | Soorama | Guyyaa moggaasa Maqaa irratti. |
| 9. | Obbo Kormee Abdii | 46 | Dhiira | Dig. | Wal-keessaa | 20/08/12 | H/mootummaa | Guyyaa mog gaasa maqaa Irratti. |

**Dabalee E** Namoota odeeffannoo af-gaaffi kennuun hirmaatan

| T. L. | Maqaa guutuu | Umrii | Saala | Sad. Barnootaa | Ganda | Guyyaa | Hojii | Yaada kenname |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Aadde Dirribuwa Gammadaa | 39 | Dub. | Dig. | Walkeessaa | 21/9/2012 | H/Mootummaa | Moggaasa maqaa irratti |
| 2. | Aadde Faanosee Kataboo | 46 | Dub. | -- | Hundee Guddinaa | 23/9/2012 | Haadha Manaa | Hiika maqaa moggaafamee |
| 3. | Aadde Ayyuubaa Muhaammad | 42 | Dub. | Certafikeetii | Walkeessa | 21/9/2012 | H/Mootummaa | Hiika maqaa moggaafamee |
| 4. | Aadde Zeeynabaa hajji | 38 | Dub. | Dig. | Burkituu | 30/9/2012 | I/ gaafatamtuu waajjira aadaafi turizimii B.M.A. | Hiika maqaa moggaafamee |
| 5. | Aadde Fooziyaa yaasin | 40 | Dub. | Dig. | Buusataa | 23/9/2012 | H/Mootummaa | Hiika maqaa moggaafamee |
| 6. | Aadde Worqituu Bahaaruu | 36 | Dub. | -- | Walkeessaa | 14/9/2012 | Haadha manaa | Hiika maqaa moggaafamee |
| 7. | Aadde Zinnash Jigsaa | 32 | Dub. | Dig. | Walkeessaa | 19/9/2012 | H/Mootummaa | Hiika maqaa moggaafamee |
| 8. | Aadde Sisaay Nagaasaa | 34 | Dub. | Dig. | Dooshaa | 21/9/2012 | H/Mootummaa | Hiika maqaa moggaafamee |
| 9. | Aadde Jamiilaa Bashiir | 29 | Dub. | -- | Walkeessaa | 13/8/2012 | Haadha manaa | Hiika maqaa moggaafamee |
| 10. | Aadde Araggaash Magarsaa | 43 | Dub. | Dig. | Walkeessaa | 13/8/2012 | H/Mootummaa | Hiika maqaa moggaafamee |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 11. | Aadde Zeeynii Qaasim | 47 | Dub. | -- | Cilaalo | 29/8/2012 | Haadha Manaa | Hiika maqaa moggaafamee |
| 12. | Aadde Zahaaraa Abdii | 48 | Dub. | Dig.- | Buusataa | 29/8/2012 | H/mootummaa | Hiika maqaa moggaafamee |

**Dabalee F** Marii Garee guddaa





***Suuraa 2*** *Maree garee guddaa qorattuun manguddoota waliin taasifte guyyaa 27/08/2012 suuraa ibsu*

**Dabalee G Marii Garee Xiqqaa**



**Suuraa 3** Maree garee xiqqaa qorattuun manguddoota waliin taasifte guyyaa 27/08/2010/2018 suuraa ibsu